# Wanti Tulluu Irraa Ofitti Nama Hawwatu Sun Maali?

Jeffersonville, Indiana USA

65-0725E

1 Amani malee, amani malee,

Wanti hunduu in danda'ama, amani malee.

Mee amma mataa keenya gadi haa qabannu.

Yaa Waaqayyo Abbaa, namoota guyyaa har'aatiif wanta ati gochaa jirtu arguun, kadhata keenya galgala kanaa kan onnee keenya irraa maddee dha. Yaa Gooftaa, amanuu duwwaa akka dandeenyu, callisnee Inni Dhugaa akka ta'e, Dubbiin Saglee barreeffamee bakkeetti baafamee nutti mul'ifamaa jiraachuu isaa warra amanan nu godhi. Yaa Abbaa, wantoota Si kadhannu kanneen nuuf dhaga'i.

Amma galgala kana, Ifa isa Ati ganama har'aa Dubbii Macaafichaa irratti gadi nuuf dhiifteef Si galateeffachuu barbaanna. Galgala kanaafis Si kadhanna, yaa Gooftaa, hiriira kadhataa keessatti Dhugummaa Dubbii Sagalee Keetii akka mul'inatti hojiin akka agarsiiftu Si kadhanna.

Waldaalee fi amantoota guutummaa biyyaattii keessatti, saba hundumaa irraa, karaa Qarqara Dhihaatii, ol gubbaa gaarren Arizoonaatii, gadi gara lafa diriiraa Teksaasii, karaa Qarqara Bahaatii, guutummaa biyyattii keessatti guddiftuu sagaleetti naanna'anii nu hordofaa jiraniif, yaa Gooftaa iddoo isaan walitti qabaman hundumaatti akka isaanii wajjin taatuuf Si kadhanna. Sa'aatii baay'ee wal irraa fagaanna, nuyi yeroo lakkaa'amu keessa jirra, garuu yaa Gooftaa nuyi galgala kana akka gosa tokkootti, amantoota taanee Dhufaatii Masiihichaa eeggachaa warra jiru dha. Yaa Abbaa Isa Waaqa irra jiraattuu, dhi'ootti Waldaa Keetii akka Isa ergituuf Si kadhanna. Maqaa Isaatiin Si kadhannaa. Ameen.

2 Taa'uu ni dandeessu.

Warra as jirtan hundumaa nagaa Kristaanaan isiniif dhi'eessa. Amma iyyuu walitti rukkannee hamma hafuura baafachuu dadhabnutti ga'uu keenyaaf nan gadda. Qabbaneessituun qilleensaa akka gaariitti hojjechaa yoo jiraate iyyuu, gar malee baay'achuu namootaa irraan kan ka'e qilleensa akka barbaachisutti qabbaneessuu hin dandeenye. Utuu sagantaa waldaa isa dhaabbataa ta'ee, silaa qabbaneessituun qilleensaa kun isin cabbeessu. Amma garuu qabbaneessituun qilleensaa hamma danda'etti hafarsaa waan jiruuf namni hunduu qilleensa argateera.

Qarqara Bahaa irraa hamma Dhihaatti warra jiratniif, warra karaa Kristos fira keenyaa taatanii nu dhaggeeffachaa jirtan hundumaaf nagaa keenya isini haa ga'u. Gubbaa Saan Joosee warra jirtan, Obboleessa keenya Boordersii fi garee isaa, nagaan keenya isin haa ga'u. Ol gubbaa lafa tulluwwanii, Preskoot, Ariizoonaa warra jirtan, obboleessa keenya Li'oo Mersi'erii fi garee isaa, warra Dhufaatii Gooftaa eegaa jiratanii, nagaan keenya isin haa ga'u. Galgala kana Tuksanitti walitti qabamtanii warri Dhufaatii Gooftaa eegaa jirtan, nagaan keenya isin haa ga'u. Dachaa Hoosten, Teeksaasii warri Dhufaatii Gooftaa eegaa jirtan, nagaan keenya isin haa ga'u. Ol gubbaa Chikaagootii warri Dhufaatii Gooftaa eegaa jirtan, nagaan keenya isin haa qaqqabu. Ol gubbaa Qarqara Bahaatii, Niwu Yoorkii fi Konneektiikat, garee gurguddaatu Dhufaatii Gooftaa eeggachaa jira. Asii iddoo isaan tessifnu hin qabnu, kanaafuu karaa toora bilbilaatiin Dubbii Sagalichaa isaaniif in ergina. Obboleessa keenya Juni'er Jaaksanii fi garee isaa kan Kilarkisviileetti argamaniif, galgala kana nagaa isaaniif in ergina. Obboleessi keenya Ruudeel, ol gubbaa karaa jaatamii-lamaatii garee isaa wajjin Dhufaatii Gooftaa eegaa jira. Nuyi immoo galgala kana as waldaa keenyatti, godoo qulqulla'aa keenyatti walitti qabamnee Dhufaatii Gooftaa eegaa jirra.

3 Egaa baay'een keessan tajaajila ganama har'aa irratti hin argamne. Garuu namoonni as hin turre hundinuu teeppii waraabamaa oole akka argatan nan amana, sababiin isaa, Ergichi erga Ergaa, Gooftolii, Yerichi Maali? jedhuutii asitti, Ergaa kallattiidhaan waldaatti ergame Isa angafa jedheen amana waan ta'eefi. Dibata Hafuuraa keessan ture, dibata Hafuuraatiin geggeeffameen wantan godhe dubbachaa ture. Inni baay'ee dheeraa ture, garuu garuu akkan sana gochuuf geggeeffamaan ture. Gooftaan Sagalee Isaatiin yeroo attamii keessa akka jirru nutti agarsiiseera jedheen yaada. Dhoksaa wantoota ta'aa jiranii nuyi akka beeknu shakkii malee mirkaneeffadhaa. Akkuma beektan, Macaafni Qulqulluun, "Warri ogeeyyiin hubachuuf jiru" jedha.

Saboonnii fi namoonni, "humna dhabootaa fi ogeeyyota" ta'anii in guddatu. Xiqqoo yaadaa mee, namni Ameerikaa tokko giddu galeessaan walakkaa umurii jireenya isaa kan ga'u waggaa digdamatti; dadhabaa, garuu ogeessa. Namoonni durii xiyyaara jeettii fi misaayelii atoomawaa hin qaban turan, garuu umurii dheeraa jiraataa turan. Nuyi immoo caalmaatti humna dhabaa (weaker) fi ogeeyyii (wiser) ta'uutti seenaa jirra, wanti nu dhabamsiisuuf deemus ogummaa keenya. Nuyi of balleessuuf jirra. Waaqayyo nu hin balleessu; ogummaa keenyatu nu balleessuuf jira. Kun immoo yeroo hundumaa ta'aa kan turee fi ammas deebi'ee kan ta'uuf jiru dha.

4 Egaa amma, yoo fedha Gooftaa ta'e Dilbata dhuftu ganama, ammaaf wantan irratti lallabu hin beeku, garuu yoo Gooftaan achiin nu ga'e, yoo Inni nu jiraachisee fi homtuu hin raawwatu yoo ta'e, yoo fedha Isaa ta'e Dilbata dhufu ganama Ergaa kan biraa irratti in dubbanna, akkasumas Dilbata dhufu galgala

sagantaa kadhannaa dhukkubsattootaa in qabaanna. Sana booda gara ijoollee mana barumsaatti galmessisuuf maatii gara Ariizoonaattin deebisa. Sana booda isin beeksifna, akkuma dandeenyutti, akka isaan cimaniin wal ga'ii keenyaaf, yookiin yeroo itti wal…iddoo isaan ga'uu qabu jennee yaadnu hamma ga'anitti. Kanaafuu, Waaqayyo hunduma keessan haa eebbisu.

Amma galgala kana,…ta'uu isaa in beekna. Jalqaba, ani daqiiqaa kudha shan barfadheen dhufe, amma Jefersenviileetti sa'aatii lamaa fi ruubii dha; kun immoo gara Qarqara Bahaatti naannoo sa'aatii sadii ruubii hir'uu ta'a, gara Qarqara Dhihaatti immoo naannoo sa'aatii shanii ta'a. Amma asii nuyi yeroo aduun itti lixxu irratti argamna. Egaa amma yeroo xiqqoof isin tajaajiluufan deema, dibata Hafuuraa arguuf, sana booda gara toora kadhataatti nan seena.

5 Amantoonni as jirtan, akkasumas iddoo kan biraatti walitti qabamtanii kan jirtan, nama tokko akka barbaaddan, obboleessa Hafuuraan dibame tokko akka barbaaddanii argitan nan barbaada; yummuu nuyi warra dhukkubsataniif kadhachuu jalqabnutti, deemaatii harka keessan warra walga'ii keessan keessa jiru irra kaa'aa. Yaadadhaa, Waaqayyo iddoo hundumaa kan jiru (Omnipresent) dha; Inni iddoo hundumaa jira. Kanaafuu, dachaa Teeksaas, gama Kaalifoorniyaa, ol gubbaa Ariizoonaa, akkasumas iddoo kam iyyuu warri jirtan, yummuu warra dhukkubsataniif kadhachuu jalqabnutti, harka keessan warra dhukkubsatan irra kaa'aa. Mamii tokko malee nan dubbadha, Waaqayyo kadhata keenya dhaga'ee in deebisa.

Waan haaraa tokkon isinitti hima, Dilbata darbe halkan dibamuun itti fufee utuu geggeeffamaa jiruu, Hafuurri Qulqulluun…Waan namatti tolu tokko dha. Ergan guyyaa tokko addanatti argeen booda, gara ji'oota baay'eedhaaf toora waan yaada garaa namaa beekuu (line of discernment) adeemsisee hin beeku. Egaa yeroo sanatti abdii… jalan deddeebi'aa ture. Waan Inni hojjetu isin hin beektan. Inni kana godha hin jettan. Isin deemtanii ol baatanii Isa eeguu qabdu. Inni birmaduu dha. Inni wanta gochuu barbaade godha. Garuu achuma dhaabadhaatii waan Inni gochuuf jiru eegaa, sana booda utuu Inni cabsee isin keessa darbuu miira keessanitti in dhaga'ama.

6 Xumura tajaajilaa irratti, eenyummaa nama sanaa hin beeku garuu namni dheeraan mataa moluu tokko, baay'ee dhukkubsatee toora kadhataa keessa iddoo ta'e tokko jira ture.

Sana booda battaluma sanatti namni mataa buusee nama dhiphina guddaa keessa jiru fakkaatu, namni garaa isaa qabatee jiru tokko wal tajjii kana irratti natti argame. Anis inni nama isa tokkoffaa yookiin isa lammaffaa ta'uu qaba jedheen yaade, yookiis eessa iyyuu haa jiraatuu isaaf kadhadheera, sababiin isaa, inni nama mataa moluu fi nama gadi jedhee ture dha; namni guddaan wayii ol adeeme. Garuu of irra duuba ilaalu nama waltajiin ala goda sanaa taa'ee ililchaa jirun arge. "Inni meerree?" jedheen keessatti yaade. Iddoo inni jiru murteessuun dadhabe. Namichi fuula koo duratti arguu fi qaqqabuu (feel) hin dandeenye.

Inni karaa kanaan dhiibaa akka jirutu natti dhaga'ame, inni gara duubaatii dhufaa jira ture. Gara obboleessa keenya Neviilee fi namoota lamaan addana taa'aa jiran kanaa yummuun ilaalu, isaan miti. "Namichi saaxinii bishaan cuuphaa itti kuufamu duuba jira" jedheen dubbadhe. Abbichi eenyu akka ture beektuu? Obboleessa keenya Shiipperdii ture. Sababiin ani adda isa baafachuu dadhabeef, inni yeroo sanatti mataa isaa gadi qabatee achitti kadhachaa jira.

Inni du'uufin jedha jedhee yaadaa ture, inni torbanoota muraasa darban keessa dhi'oottin du'a jedhee yaadaa ture. Haati manaa isaa deemee kophee akka bitatuuf isatti himnaan, "An kophee kana hin barbaadu. An nama jiraatee isa uffachuu danda'u miti" isheedhaan jedhe.

7 Ergasii guyyaa biraa bakkeetti na argee… ture, obboleessi keenya Wuudsi sagalee ol fudhatee iyyee Waaqayyoon galateeffate. Shiipperdi, "Qoonxaa (bacon), hanqaaquu, timaatima, waanan barbaade nyaachaan jira" naan jedhe.

Inni gadi of deebisee teessuma irra taa'aa ture gadi dhiisee, duuba sana of dhoksee kadhachaa ture. Hubadhaa, kaardii kadhataa argachuu isin hin barbaachisu. Amantii duwwaa qabaadhaa. Hubattanii?

Egaa amma, inni fayyee fi fayyuu dhiisee isaa an hin beekne, an calliseen, "Namni tokko kadhachaa jira, inni waan isa rakkisaa jiru qaba" jedheen dubba dhe. Inni maal akka ture argee kan dubbate Isa jedheen yaada, "Dhukkuba garaachaatiin dhiphatee, duuba kanaa kadhachaa jira. Gooftaan Yesus si fayyisisa" jedheen dubbadhe. Egaa amma, wanti an himuu danda'u isa kana duwwaa dha. Dhiibbaa (the pull) guddaan isa inni kadhachaa ture dha. Ani arguu nan danda'a, garuu wanta ta'u sana garuu an gochuu hin beeku. Hubattanii?

Garuu yeroo Inni deebi'utti namni hunduu isa yeroo Inni, "KANA GOOFTAAN DUBBATEERA" jedhee in hubata, hubadhaa, yeroo sanatti ergaa kan dubbate ana miti; inni Isa malee.

8 Garuu an yeroo hundumaa, "Yesus Kristos si fayyiseera"n jedha, kun dhibbaa dhibbatti Dhugaa dha. "Inni baleessaa keenyaaf in waraaname, madaa'uu isaatiinis fayyinni nuuf in argame." Argitanii? Argitanii?

Garuu Inni dhufee, "KANA GOOFTAAN DUBBATEERA" jedhee, waan gochuun isin irra jiru isinitti

dubbannaan, akeekkadhaa, inni akkuma jedhame in ta'a.

Garuu yeroo an, “Yesus Kristos si fayyisa” jedhee dubbadhutti, ati amani, sababiin isaa, Inni durumaan iyyuu kana dubbateera waan ta'eef. An wanta Inni dubbaten irra deebi'ee jechaa jira.

Mul'anni (vision) tokko wanta Inni agarsiise callisanii irra deebi'uu dha. isiniif galeeraa?

9 Amma kallattiidhaan daddafnee gara Dubbii Sagalichaatti haa seennu, sababiin isaa, baay'een keessan galgala kana maayilii hedduu adeemtanii akka galtan nan beeka waan ta'eef. Waaqayyo akka isin eebbisu, Waaqayyo akka isin gargaaruu fi karaa keessan irratti akka isin tiksu nan kadhadha. Galgala kanaaf kan ta'u Wangeela Maatewos boqonnaa 21ffaa lakkoofsa 1ffaatii hnga 11ffaatti akka baafattan nan barbaada. Amma Macaafa Qulqulluu of harkaa hin qabdan yoo ta'e immoo kutaa Macaafotaa dubbifachuuf jirru yoo barrreeffattan gaarii dha.

10 Egaa warra ganama kana Ergicha hin dhageenye, sagalee teeppii waraabamee fudhadhaa; nuyi gonkumaa teeppii hin gurgurru. Nuyi gonkumaa sagalee teeppii waraabame hin gurgurru. Yeroo tokko tokko wal ga'ii amantootaa gurguddaa irratti iddoo wayiitii kitaabilee arganne jedhanii beeksisu; nuyi kitaaba tokko iyyuu teeppiwwan irraa hin hojjenne. Barreessaan kitaabaa obboleessa keenya Vaayilee dha. Namichi daldala kaaseeta waraabamee adeemsisu isinitti haa himu, nuyi teeppii irraa bu'aa horii hin argannu. Nuyi…hin… Inni “Teeppii” miti; inni Ergaa dha malee. Namni tokko sammuu isaatti inni horiin itti argadha jedhee sammuu isaatti yaada taanaan, inni kana booda teeppii hin hojjetin. Kun sirrii dha. Ani waa'ee kanaa namoota gaafachaan ture, akkan yaadutti teeppiin keenya doolaara shanii gaditti gurgurama, yookiis doolaara sadi'ii hanga shaniitti, yookiin naannoo sanatti gurgurama. Maal jettee? Sadii, fi teeppii qabiyyee guddaatti immoo doolaara afuritti gurgurra.

Tajaajilaa tokko teeppiwwan isaa keessaa tokko gaafannaan, ergaa daqiiqaa digdamaa yookiin soddomaa kan qabate tokko doolaara sagaliin akka bite natti hime.

11 Kanaafuu obboleessi keenya Sootmaan kan duuba sana jiru sooromaa akka hin jirre nan hubadha, isaan keessaa namni teeppii kana baay'isaa jiran itti duroomuuf hojjechaa kan jiran miti. Hubadhaa, isa ittiin bituuf iyyuu horiin irraa argamu ga'aa miti. Waan biraa ittiin hojjetu jettanii hin gaafatinaa, sababiin isaa, kaaseetii itti waraabamuu fi wantoota kanneen biroo ittiin bitu waan ta'eef. Maachiniin teeppii kana waraabu baay'ee mi'aa dha, jalqabuma iyyuu, qindeessanii teeppii waraabuuf meeshichi doolaara kuma kudhan kan gaafatu dha.

Egaa, waa'ee kanaa duraan akkan isin beeksisee ture amma reefuun yaadadhe. Egaa Teeppicha irra deebitanii dhaggeeffachuu dandeessu. Akkuma amaleeffatame…warra qabeenya waldaa to'atan (trustees) dha, an guutumaan guututti waanan isatti bu'uuf hin qabu. An…illee godhee hin beeku, wal ga'ii tokko irratt illee…hin beeku. Inni faayidaas miidhaas miti. Isaan caalbaasitti in dhi'eessu; qabeenya mana sagadaa warri to'atan (trustees) yeroo itti aanutti nama teeppii hojjetu murteessanii xalayaadhaan isa beeksisu. Waa'ee isaa kanan beeku kanuma duwwaa dha. Isa kana isaantu to'ata, sababiin isaa, teeppii to'achuu dhiisaatii an mucoolii iyyuu eebbisuu hin danda'u, cuuphaa illee akkasuma.

12 Kanaafis ani sammuu koo Ergaa kana irratti hidheera, innis Harkisa Sadaffaa (Third Pull) yoo ta'u, qulqulluu fi amanamaa kanan ta'uufii qabu dha.

Maatewos 21:1 hanga 11haa dubbifannu. Warri…akka duukaa buutan, yookiis warri kaan Caaffatoota akka baafattan isinitti himeen ture.

Isaan yerusaalemitti dhi'aatanii, gara gaara ejersaa, Betfaagee yummuu ga'an, Yesus bartoota bartoota lama ergee,

“Ganda fuullee keessan jiru sana dhaqaa, achumaan harree yaabbii hidhamtee ilmoo isheen ishee bira dhaabatu in argattu; hiikaatii naa fidaa.

Namni tokko yoo waa isiniin jedhe immoo, 'Gooftaatu dhimma isaanii qaba, utuu hin turins isaan in deebisa' ittiin jedhaa‟ isaaniin jedhe.

Kun immoo wanti raajichi jedhe akka fiixaan ba'uuf ta'e;

Inni, “Namoota Xiyoonitti himaa! Mootiin keessan gad of deebisee, kunoo, inni harree yaabbii keessaa, ilmoo harree irra taa'ee siif in dhufa” isa jedhuu dha.

Kana irratti bartoonni dhaqanii akkuma Yesus isaan ajaje godhan.

Harree sana ilmoo ishee wajjin fidanii uffata isaanii irra buusan; Yesus immoo irra taa'e.

Tuuta sana keessaa harki caalaan uffata isaanii karaa irra hafan; warri kaan immoo damee baala qabu muka irraa kukkutanii karaa irra firfirsan.

Tuuti warri dura adeemanii fi warri duukaa bu'an sagalee isaanii ol fudhatanii, “Hosaa'inaa ilma

Daawitiif! Inni maqaa Waaqayyo Gooftaatiin dhufu galateeffamaa dha; hosaa'inaa ol waaqa gubbaatti" jedhan.

Yerusaalemitti yommuu inni gale, mandarichi guutummaatti raafame; namoonnis, "Inni kun eenyu?" jedhan.

Tuuti isaa wajjin adeemus, "Kun raajicha, Yesus nama Naazireet kutaa biyya Galiilaa ti" jedhee deebise.

Egaa amma barreeffama kana keessaa mata duree fudheen, utuu sgantaan toora kadhannaa hin jalqabin dura gara daqiiqaa soddomaatiif irratti dubbadha, Wanti Tulluu Irraa Ofitti Nama Hawwatu Sun Maali? mata duree jedhu fudhachuun barbaada.

13 Egaa amma, guyyaa baay'ee nama dadhabsiisu, guyyaa rifaasisaa ture, gaafas garuu guyyaa kanaan dura hin amaleeffatamne ta'e. Asitti utuu Yesus ayyaana faasikaatti hirmaachuutti qophaa'uuf gara Yerusaalemiin dhaqaa jiruu argina. Faasikaan (Passover) immoo itti hoolaan mudaa hin qabne qalamee, dhiifamuu cubbuu (atonement) namootaatiif teessoo araaraa irratti dhiigni isaa biifamu dha. Inni gubbaa Betfaageetii gara fiixee Gaara Ejersaa isa tulluu biraa iddoo Yerusaalem itti ijaaramte gadi ilaaluutti ol ba'e. Akkuma gadi ilaaleen, kun daawwannaa Isaa isa xumuraa ta'uu isaa bare.

Yeroon sun yeroo Inni harka namoota cubbamootti dabarfamee kennamee, isaan Isa ajjeesan ture. Inni du'a haala jibbisiisaa takkaa namni ittiin du'ee hin beekneen du'ee, awwaalamuuf deemaa jira ture. Inni Warra kan Isaa ta'aniin dabarfamee kennamuuf deema, isaan keessaa muraasni Isaa wajjin warra dhaabataa jiranii dha. Inni immoo Waaqayyo ta'uu Isaatiin yaada garaa isaanii in beeka ture, eenyu dabarsee akka Isa kennus Inni jalqabumaa jalqabee in beeka ture. Namni sun nama Isaa wajjin jiru, nama Isatti siqee taa'ee horii Isaa Isaaf baatu akka ta'e in beeka ture, namni kun akka dabarsee Isa kennu in beeka ture. Fannoon dhiphinaa warra Roomaa bakkee sanaa akka Isa eeggachaa jiru in beeka ture. Bishaanni dhagna Isaa fi Dhiigni dhagna Isaa gar gara hiramee, Dhiigni Isaa adda Isaa irra akka gadi yaa'u, bishaanni hammaan baay'een kan dafqa fakkaatu akka Isa keessaa gadi bubbisee yaa'uuf jiru in beeka ture. Inni wanta dura Isaa jiru hundumaa in beeka ture. Inni gaaricha irra dhaabatee Yerusaalemiin gamatti ilaale.

14 Namoonni bara sanaa, warri bara sana namoonni, "Namoota amantii warra sadarkaa olii" jedhanii waaman, Isa in jibban. Waldaaleen bara sanaa Isa jibbanii labsii Isa irratti baasan, warra isa dhaggeefatan irrattis labsii baasan. Isaan deemanii duula Inni geggeessu irratti argamnaan, battalumatti feeloshiippii waldaa keessaa ar'iamu turan. Hin dinqifatinaa, Caaffanni Qulqulla'aan, "Gara biyya dhuunfaa Isaa dhufe; namoonni Isaa garuu Isa hin simanne" jedha waan ta'eef. Namoonni Isa jaallachuun isaan irra ture, namoonni Isaaf ta'uun isaan irra ture, namoonni Inni mararsiifate, diina Isaa warra hadheeffatoo ta'anii argaman.

15 Inni immoo gartuu xinnoo warra kan Isaa ta'anii, gurmuu namoota hiyyeessotaa, qurxummi-qabdoota, qaraxxootaa, warra barumsa hin qabne walitti qabate. Macaafni Qulqulluun kaan isaanii, "Namoota hin barannee dha" jedha. Kaan isaanii maqaa isaaniitiin illee mallatteessuu kan hin dandeenye turan. Inni saba Isaa argachuuf raawwatee gara waldootaa hin deemne.

Inni geggeessitoota waldaa keessaa nama tokkoo wajjin illee raawwatee walii hin galle. Kana biratti immoo, Inni karaa raajiin tokko irra deemu hundumaa irra deeme. Inni akkuma warra Isa dura turanii, waan isaan hojjetan hundumaa in ciiga'e; sababiin isaa warri Isa dura turan Sagalicha hamma tokko yummuu ta'an, Inni immoo guutummaa Sagalichaa ture.

16 Garuu kana hundumaa gidduutti, bara hundumaa keessatti raajii mul'achaa ture yookiis mul'achuuf jiru keessatti, namoonni muraasni durumaan yaada Waaqayyootiin qabaman, Ergicha dhaga'anii Isa duukaa in bu'u. Isaan kun sonaan warra sonaan baay'ee irraa in goru. Isaan xiinxala ceephoo warra hin-amanneetiin in mormu. Isaan falmii isaanii wajjin godhan hin qaban. Isaan waan godhan tokko qabu, innis amananii waa utuu irraa hin hambisin Isa fudhachuu dha, isaan akka Maariyaam ishee miilla Yesus jala teesseette guutummaatti Isa keessatti liqimfamuu dha.

Maartaan irbaata hojjechaa jirti turte, Yesus immoo isheedhaan, "Garuu, Maartaa, wantoota jireenya fooniitiif ta'aniin baay'ee qabamteetta, garuu Maariyaam wanta caalu argatteetti" jedhe, hubadhaa, inni wanta Jireenya Bara Baraa ti.

17 Egaa amma, namoota…hubatan baay'ee in argina. Isaan akka keenya ammaa kana ragaalee barreeffamaa hin qaban turan, isaan televizhiinii yookiin bilbila, yookiin wanta bara har'aa jiru kam illee hin qaban turan, garuu ofitti amanamummaa fi gammachuudhaan Isaa wajjin gara ayyaana faasikaatti deemaa turan. Namoonni baay'een, namoonni sammuu hafuuraatiin yaadan Inni Hoolaa faasikaa akka ta'e in beeku turan, sababiin isaa, Inni duraan dursee wantoota ta'uuf jiran isaanitti himeera waan ta'eef.

18 Sana boodas, eeyyee, Inni achitti akka argamu waan beekaniif, Isa eegaa waan turaniif, isaan akkuma sanatti Isa in jaallatan. Tarii tuutni sonaan baay'een balbala tokko gar isa biraatti wal dhiibaa,

karaa hundumaan ala eegaa turan hin dhabaman, maaliif jennaan, isaan sa'aatii sanatti akka Inni mul'atu in beeku waan ta'aniif. Isaan dammaqanii eegaa turan.

Namoonni warri kaan, dhimmi namoota sana mana tokko gara biratti fiigsu maali jedhanii dinqisiifatu turan. “Wanti ofitti isaan haawwatu maali?”

Isaan Isa arguuf karaa kanaa fi karaa sana ija qisanii in ilaalu turan. Isaan nama waan jalaa bade tokko barbaadu in fakkaatu, nama wanta ta'uuf jiru tokko dammaqinaan eegaa jiru in fakkaatu.

Oo, daqiiqaa muraasaaf mata duree dubbii kootii jijjiireen waan tokko dubbadha, innis immoo dhimma bara har'aa kanaa ti. Namoonni dhufaatii Isaa eegaa jiran, dammaqinii eeguu guddaa jala galanii jiru. Dhiibbaan (pressure) isaa miira keenyatti in dhaga'ama. Isaan barbaadaa jiru, sochii fi milikkita hundaa Caaffatootaa wajjin wal bira qabanii ilaalaa jiru.

19 Isaan yommuu wantoonni kun hunduu, wantoota guyyaa dhumaatti in ta'u jedhee Inni dubbatee wajjin wal kiphnaan, dhumni akka dhi'aatee balbala ga'e isaan in beeku. Isaan achitti argamuu barbaadu, kanaafis dammaqanii eegaa turan. Tuuta sonaan baay'ee keessaa kaan kan Isaa turan, muraasni isaanii kan Isaa turan. Kaan isaanii Isaan in morman, harki caalaan isaanii warra Isaan morman turan, dhibbeentaan sagaltamni Isaan morman.

Kun immoo wanta bara har'aa tuuta sanaan baay'ee amantii (religious) keessatti raawwatamaa jiruu ti; yeroo gara Sagalichaa fi Kristositti gadi bu'amutti, naannoo dhibbeentaa tokkoo duwwaatu Isa amana. Dhibeentaan hafan xiyyeeffannoo tokko iyyuu Isatti hin kennan, wanti fedhe iyyuu haa hojjetamuu, isaan akka qoosaa wayii godhanii bira darbu, yookiin waa'ee Isaatiif wacanii afaan nama qabachiisu. Isa durii ta'aa turee wajjin tokkuma. Yeroo keessatti wantootni baay'ee hin jijjiiraman, seenaan callisee of deddeebisa.

20 Tole gaarii dha, wanti sun humna naasuu akka fide in argina. Kana ta'uu qabas. Inni sana gochuu qaba. Isaan eegaa turan, isaan yeroo achi dhufutti waan Inni hojjetu dinqisiifachaa turan. Isaan waan Inni achitti hojjetu kamuu arguudhaaf achi deemuu barbaadan. Isaan Isa barbaadan. Isaan Isa arguu barbaadan. Isaan Isa in amanan. Kaan isaanii Inni dhufaa jiraachuu dhaga'aniiru, kanaafis Isatti gammaduuf ol in ba'an. Kanaafuu dammaqiinsa naasuun wal makaa sana booda, guyyaa hin amaleeffatamin, yeroo hin amaleeffatamintu ta'e, waldaan in rafti, miirri narvii namootaa fiixee dhumaa irra ga'e, namoonni sonaan baay'een achitti wal ga'an, sana booda in ta'e!

21 Fiixee Gaara Ejersaa irraa ilmoon harree adiin tokko irraangadee tabbichaa gadi buutee, tuuta namoota akka maraatuu sagalee ol fudhatanii iyyanii wajjin, warra baala meexxii lafa irra firfirsanii wajjin, warra wayyaa isaanii karaa irra hafanii sagalee isaanii ol fudhatanii, “Hosaa'inaa ilma Daawitiif! Inni maqaa Waaqayyo Gooftaatiin dhufu galateeffamaa dha!” jedhaa deemanii wajjin dhufaa jirti. Inni harree kana irra taa'ee deemu Masiihiicha isa Waaqayyo yeroo sanaaf dibe irraan kan hafe eenyuun iyyuu ta'uu hin danda'u.

Yeroo sanatti wanti Waaqayyo hojjechaa jiru maali? Wanti gubbaa gaara sanaatii ofitti nama hawwatu maali? Inni seenaa Waaqayyo hojjetaa jiruu fi dubbii raajii Waaqayyo fixaan baasaa jirutu nama hawwataa jira. Inni kun immoo yeroo hundumaa hawwataaf in uuma. Inni qeeqxota hundumaa, gobocoroo (kan Ergaa ganama kanaa), joobiras iddoo tokkotti walitti in qaba. Hubattanii? Wanta ta'aa jiru ilaaluudhaaf, isaan hunduu walitti qabaman. Kaan isaanii fedhii guddaa wanta ta'aa jiru sana baruu irraa qabaniif (fo curiosity) dhufaa jiru, kaan isaanii dogoggora namarra barbaaduuf dhufaa jiru, kaan isaanii ceephoodhaaf dhufaa jiru. Akkuma ganama kana dubbachaa turre, akaakuun hunduu walitti makamanii jiru, isaanis: amantoota (believers), amantoota fakkeessituu (make-believers), fi warra hin amannee (un believers) dha. Wanti gaaricha irraa maali? Dubbii raajii dubbatameetu raawwatamaa jira. Egaa dubbii raajii isa raawwatamee sana in ilaalla.

22 Egaa amma, Macaafa Zakaariyaas raajichaa boqonnaa 9ffaa lakkiifsa 9ffaa irratti, Zakaariyaas namni raajota keessaa tokko ta'e Hafuuricha keessaan akka kanaa gadi jirutti dubbate.

Isin yaa namoota Xiyoon, guddaa gammadaa! Isin yaa namoota Yerusaalem, guddisaatii sagalee gammachuu dhageessisaa! Kunoo, Mootiin keessan inni qajeelaan, inni mo'aan, gad of deebisee, harree yaabbii keessaa ilmoo harree irra taa'ee gara keessan in dhufa.

Amma egaa, rakkoon barsiisota seeraa sana bira jiru maali? Rakkoon lubbota sana bira jiru maali? Rakkoon namoota amantii sana bira jiru maali? Wanti kun utuu hin raawwatamin waggoota dhibba afurii fi saddeettamii torba dura raajii beekamtii qabuun barreeffamee, duraan durfamee bifa barreeffamaatiin Macaafa Qulqulluu, Macaafa maramaa Kakuu Moofaa jedhamee kan harka isaanii keessa jiru ture. Inni dubbii raajii fiixaan ba'aa jiru ta'uu isaa, isaan maaliif arguu dadhaban? Sababuma kanaan, har'as isaan isa arguu dadhaban. Isaan akkasitti seera muka abbaa isaaniitiif jedhanii Dubbii Waaqayyoo namootatti in busheessu.

Barsiisonni seeraa, lallabdoonni, tajaajiltoonni, namni hafuuraa (maqaadhumaaf), warri dibaman, isaan

kun hunduu utuu Macaafuma Qulqulluu duwwaa dubbisaniiru ta'ee, silaa wanta ta'aa jiru sana hin dinqisiifatan turan, silaa Inni maal akka ta'e in beeku turan. Waaqayyo Dubbii Sagalee Isaa fiixaan baasaa jira!

23 Yeroo sanatti seenaatu hojjetamaa jira, dubbii raajii dubbatameetu fiixaan baafamaa jira. Yeroo sanatti Fayyina lubbuutu gara biyya lafaa ga'aa jira, guyyaa guddicha isa raajonni hunduu fuul duratti ilaalaa turantu ga'aa jira. Warri du'anii boolla keessa jiran hunduu guyyattii sana eegaa turan (yaa anaa, kana mee itti yaadaa), waarri du'an hunduu, qajeelonni dhiiganii wareegamanii fi raajonni hunduu guyyaatti sana eegaa turan.

Inni kun, isa Inni sagalee Isaa ol fudhatee, "Yaa Yerusaalem, yaa Yerusaalem, ati raajota kan ajjeeftu, sitti kan ergamanis dhagaadhaan kan rukuttu, si'a meeqan indaaqqoon cuucota ishee qoochoo ishee jalatti akkuma walitti qabattutti, ijoollee kee walitti qabuu barbaade; atii fi ijoolleen kee garuu hin barbaanne. Garuu yeroon keessan amma dhufeera" isaaniin jedhee dha.

24 Namoonni du'anii boolla keessa turan Abrahaam, Yisihaq, Yaaqoob, fi raajonni hunduu guyyaa kana eegaa turan.

Waldaan immoo Isa arguutti jaamaa turte. "Inni waca guddaa kanaaf sababa ta'e kun eenyu? Eenyu Namichi sun?" jedhu turan. Yeroo tokko isaan akkas jedhan, "Inni ilma namicha gama kanaa muka soofuu mitii? Nuyi Isa beekna. Inni ogumma kana eessaa argate? Maaliif jennaan, mana barumsaa keenyaatti nuyi takkaa Isa arginee hin beeknu. Macaafa Inni irraa barate nuyi takkaa hin beeknu. Inni Eenyu?" jedhan.

Inni dubbii raajii raajonni dubbataa turaniif deebii ture. Kunoo Inni ilmoo harree irra taa'ee dhufe. Maal wanti akkas nama hawwatu! Waaqayyo Abdii Dubbii Sagalee Isaa raawwachaa jira, guyyaa waggoota kuma afuriif eegamaa ture raawwachaa jira. Macaafa Uumamaa boqonnaa 3 lakkoofsa 15ffaa irratti Waaqayyo waan raage (prediction) qaba, innis, "Sanyiin dubartittii mataa kee in buruqa, atis koomee isaa in hiddita" kan jedha, dubbiin raajii kun Macaafa Qulqulluu keessatti waa'ee dubbii raajii waa'ee Namicha dhufuuf jiru sanaatiif kan raagame dha.

25 Kunoo dhi'eenyuma immoo raajii isaan gidduu dhaabatee dubbatatetu ture, inni raajii dhugaan Zakaariyaas jedhamu kun, "Isin yaa namoota Xiyoon, guddaa gammadaa! Isin yaa namoota Yerusaalem, guddisaatii sagalee gammachuu dhageessisaa! Kunoo, Mootiin keessan inni qajeelaan, inni mo'aan, gad of deebisee, harree yaabbii keessaa ilmoo harree irra taa'ee gara keessan in dhufa" jedhee dubbate.

Asii immoo kunoo namoonni Dubbii Macaafaa sana guyyaa guyyaadhaan dubbisan, utuu Inni harree yaabbatee dhufaa jiruu arganii, "Sun eenyuu?" jedhanii iyyan. Hubattanii? Waaqayyo Dubbiin Sagalee Isaa Inni dubbatame sun maal akka ture namoonni haa baraniif rawwachaa jira, isaan garuu Isa baruu hin dandeenye.

Waaqayyoo yummuu Dubbii Sagalee Isaa raawwatutti, Inni yeroo hundumaa hawwata in uuma, yeroo hundumaa kana in godha. Sababii inni hawwata uumuuf immoo gocha hin amaleeffatamintu ta'a waan ta'eefi. Yommuu Inni Dubbii Sagalee Isaa raawwatutti duufiinsa (trend) ammayya'aa baraatti waan hin baratamin ta'a, sababiin isaa, duufiinsi ammayya'aan baraa Isa hin amanu. Isaan karaa ofii isaanii qabu.

26 Egaa amma, mee gara Dubbii Macaafaatti duuba deebinee daqiiqaa muraasaaf taatewwan baramoo hin ta'in, warra yeroo Waaqayyo dubbii raajii Isaa fiixaan baasuu haa ilaallu. Waaqayyo yommuu waan tokko dubbatu, Inni isa dubbate in raawwata. Waaqnii fi lafti in darbu, Sagaleen Waaqayyoo garuu gonkumaa hin darbu. Inni karaa hin eegaminiin in mul'ata, taatee hin amaleeffataminiin mul'ata.

Namoonni Dubbii Waaqayyo in amanu jedhamanii yaadaman biratti, Inni waan hin baramin ta'ee yummuu isaan iyyanii, "Tole, kun maali? Waan akkasii eessaa argattan? Kun eenyu? Kun maali?" yommuu jedhan, kun attama nama kofalchiisa.

Yeroo sanatt sagalee gammachuu ol fuudhanii, "Hosaa'inaa Mootii Maqaa Gooftaatiin dhufuuf!" jechuun kan maluuf silaa isaan ture. Garuu tuuta xinnootu kana jechaa ture, tuuta baay'ee xinnoo.

Waggoottan kuma arfan bara raajii keessatti, waan guddaa takkaa sabaaf ta'ee hin beeknetu ta'e, abdiin warra du'an hundumaa Isa irra kan boqote, kan warra gara fuulduraa hundumaa Isa keessa kaa'ame; namoonni amantii warri Isa amanu jedhaman garuu sagalee isaanii ol fudhatanii, "Inni eenyu? Hawwati (attraction) kun maali?" jedhaa turan. Wanta hin baratamin tokko! Amma iyyuu akkuma sana, inni hin jijjiiramu, yeroo ammaas wanta hin amaleeffatamne (unusual) dha.

27 Akkuman sila dubbadhe, mee wantoota hin baramin sana keessaa muraasa haa ilaallu. Biyyi lafaa firdii bishaaniitiin rukutamtee utuu hin badin dura wanti hawwataan maal ture? Namicha dulloomaa umuriin isaa naanoo waggaa dhibbaa fi digdamaa tokkotu, iddoo bishaanni ittiin irra bololi'an hin jirretti markaba ijaaraa jira. Inni waggoota dheeraadhaaf balbala isaa dura dhaabatee, keessa markabichaa bal'isee ijaaraa, keessaa fi dubaan isaa leeleedhaan maragaa, "Biyyi lafaa bishaaniin liqimfamuuf deemti" jechaa

ture, barri sun bara guddinni saayinsii fiixee tuqe ture.

“Wanti gaara kana gubbaadhaa qoqossa'amaa jiru maali?” “Maaliif, jaarsa mqaan isaa Nohi jedhamu tokkotu gubbaa sana jira, jaarsa maraatuu. Jaarsichi yeroo dheeraadhaaf aduu keessa dhaabateera. Inni nama mataa dhukkubbii guba aduutiin dhufu (sunstroke) nama qabu dha. Inni sammuu gad dhiiseera. Inni waan 'markaba' jedhee moggaase tokko ijaaraa jira, ol gubbaa iddoo bishaanni hin jirre kanaa bishaanni dhufaa waan jiruuf inni namoota hundumaa markabichaan irra bololiisisuufi; namoonni ergaa isaa hin dhageenye hunduu, namoonni gara markabichaatti hin galle hunduu bishaanichaan liqimfamuuf jiru. Ati takkaa waan akkasii dhageesseettaa?” Inni hawwata hin amaleeffatamne ture!

28 Akka yaada kootti, namoonni yommuu kolfa bareedaa barbaadan achitti ol ba'anii, balbala markabichaa dura dhaabatanii kolfu. “Maali, ati roobuuf jedha jettee kan dubbatte waggaa dhibbaan dura mitii! Bokkaan roobuuf jedha jettee asumatti akaakayyuu kootti akka himte inni natti himeera, ati immoo amma iyyuu gaara kana irraa muka dulloomaa kanatti naannoftee qoqossaata. Ati maaliif gara ofii keetti hin deebitu?”

Garuu Waaqayyotu abdii abdachiise mirkaneessuu fi dubbii raajii isa raajiin Isaa dubbate fiixaan baasuuf isa qopheessaa jira. Karaa hin baramneen! Yommuu warri kaan kolfaa jiranitti, Waaqayyo abdii Nohin abdachiise raawwachaa jira. Akkasumas Waaqayyo warra kaanitti, warra bara har'aatti illee utuu hin hafin, seenaa hojjetee agarsiisuudhaaf qophaa'aa jira, seenichis Dubbii Sagalee Isaa eeguu Isaati! Waan dhugaa hin ta'inii fi waan hin yaadamne haa fakkaatu iyyuu malee, Inni amma iyyuu Dubbii Sagalee Isaa in eega. Jaarsa dulloomaa markaba qopheessaa jiru sana, namoota galgala kana as Amerikaa fi guutummaa addunyaa keessa jiraniif Waaqayyo fakkeenya tokko kaa'aa jira. Saayinsiin waan fedhe yoo jedhe iyyuu, isaan kana, sana, yookiis kan biraa yoo jedhan iyyuu, Inni amma iyyuu Dubbii Sagalee Isaa in eega. Inni seenaa hojjechaa jira ture.

29 Wanti hawwataan guyyaa tokko ta'e maali; gaaf tokko wanta hin kanaan dura hin baramintu lafa onaa keessatti ta'e, innis ibidda huuxxii qoraattii tokko keessaa boba'u ture. Raajiin manaa bade tokko immoo dachaa lafa onaa sana keessa in dhaabata ture. Inni waawuu sagalee tokko hin dhageenye, inni gonkumaa sagalee tokko hin dhageenye, garuu itti siqee yommuu ilaalu waan kanaan dura ta'ee hin beekne tokko fiixee gaarichaa irratti arge. Waaqayyo yaad-qalbii (attention) isaa harkisuuf yaalaa ture. Har'as akkasuma!

Waaqayyo Dubbii Sagalee Isaa raawwachuuf qophaa'aa jira, innis isa Inni, “Sanyiin kee biyya kan isaanii hin ta'in keessatti waggaa dhibba afuriif galaa ta'uuf jiru” isaan jedhee dha.

Egaa Inni akkuma iddoo itti oolan isa ta'e markaba warra amanan hundaaf qopheessaa ture, hojiichaaf nama tokko qopheessaa ture. Waaqayyo huuxxii qoraattiitti ibidda qabsiise, tiksituu horii kan ta'e Museenis, “Wanti keessummaa ta'e kun maal akka ta'e ilaaluuf itti goruun qaba” jedhe. Inni Musee gubbaa huuxxii qoraattii sanatti yommuu argetti, isatti dubbate.

30 Yeroo booda, galma fara'oo keessatti yommuu tiksituun kun ulee lafa buuse wanti ofitti nama hawwate maali? Waaqayyotu isa muse abdachiise raawwachaa jira. Qilleensi waaqa irraa dhufee Galaana Diimaa bitaa fi mirgatti hiruu isaa arganii yommuu fardeen fara'oon guddisanii gammadan, yeroo tuutni garbootaa hiyyeessonni sun geggeessaa Waaqayyotiin lafa gogaa irra deemanii ce'anitti, wanti hawwataan Galaana Du'aa sanaa maali? Inni maal ture? Waaqayyotu Dubbii Sagalee Isaa eegaa jira. Duuti isaan duraa kaafame, sabni jiraatoon in ce'an; namoonni hafuuraan du'oo ta'an immoo akkuma isaanii goona jedhanii galaanaan liqimfaman. Waaqayyo dubbii raajii raawwachaa, seenaas hojjechaa jira. Wanti iddoo Galaana Du'aatii nama hawwataa ture isa kana.

31 Sun ta'ee guyyaa lammaaffaatti wanti Gaara Siinaatii nama hawwataa ture maali, yeroo namoonni hunduu haadha warraa isaanii bira akka hin geenye, yeroo wayyaa isaanii miiccatanii of qulqulleessanii akka walitti qabamaniif isaanitti himamee, gaara iddoo namni Musee jedhamu Waaqayyoon Utubaa Ibiddaa keessatti argeera jedhee dubbatee wanti ofitti nama hawwataa ture maali? Duraan Waaqayyo, “Ani saba gidduutti gad Nan dhufa. Isan sitti himee fi Eenyuun akkan ta'e Nan mirkaneessa. Ani Waaqayyo sana akkan ta'e isaanitti Nan agarsiisa” jedhee Museetti dubbatee ture. Wanti nama hawwataa ture sun egaa, isa Waaqayyo Dubbii Sagalee Isaa raawwachaa ture dha.

32 Seenaa keessatti guyyaa tokko iddoo sabni Waaqayyoon irraanfatetti, iddoo sabni akkuma warra kaanii ta'ee fi wal makaa ta'etti, iddoo luboonni hunduu duufa ammayya'aa baraa duukaa duufanitti, iddoo raajonni akka fedha lubootaatti raajaa turanitti wanti hawwataan ta'e maali? Yeroo sanattis akkuma amalaleeffatame, isaan nama inni maraatuu dha ittiin jedhan tokko qabu turan. Inni waa'ee isa dubartiin halluu diddibattuu fi waa'ee isa isheen of kukkuultuu dubbate, inni nama isaan irraa addaa wayii ture. Namichi dullachi sun gara mootiitti gadi bu'ee, “Hamma ani guyyaa isaa himutti, waggoota dhufan kana keessa fixeensi lafa irratti hin argamu” jedhee duraan isatti dubbatee ture.

33 Sana booda utuu inni isa irraa fagaatee bade of dhoksee jiraatuu in argina, inni achi fagaatee iddoo lafa onaa ta'e tokko keessa dhokatee jiraate. Gartuun isaa waan nyaatu dhabee du'ee dhabameera

jedhanii yaadu; garuu akka gaariitti midhaan nyaachifamaa, bishaanis obaafamaa ture. Kunoo inni jira, inni gadi bu'ee, "ISA GOOFTAAN DUBBATE akkan of harkaa qabu in argitaa? Egaa amma,isin amma iyyuu hin amanne taanaan, kottaa gara gaaraatti ol baanee Waaqayyo eenyu akka ta'e qorree in ilaallaa" isaaniin jedhe, sababiin isaa, inni mul'ata (vision) biraa Gooftaa biraa argateera waan ta'eef.

Inni, "Iddoo aarsaa filadhaatii qopheeffadhaa, sangootas filadhaatii qalaa. Ani iddoo aaraarsaa Gooftaadhaaf nan qopheessa, anis sangaa qopheessee iddoo aarsaan qopheesse irra nan kaa'a. Ani fi isin, lamaan keenya aarsaa haa dhi'eessinu, Waaqayyo inni Waaqayyo ta'e haa owwaatu" jedhe. Utuu Waaqayyo kana akka godhuuf isatti hin himne ta'ees, inni ofii isaatiin lafaa ka'ee kana hin godhu; inni turee gara boodaatti, "Yaa Gooftaa, kana hundumaa akka Ati na abboomtetti hojjedheera" jedhe.

34 Garuu wanti nama hawwatu maali? Luboonni mootichi qabu dhibbi afur gaara irra dhaabataa jiru, mootiin kokolaataa fardeen harkisan irra taa'ee loltootaa fi waardiyyota isatti marsanii dhaabatanii wajjin gaaricha irra jira. Jaarsi kunis, jaarsi nama rifeensi aadii akka cabbie hiddamaa fuula isaa weerare fakkaatu, kan mataa moluu, kan rifeensi fuula isaa irraa dheeratee gadi rarra'u, kan cittuu gogaa hoolaa ofitti mare jiru, kan dhaqni isaa guutummaatti rifeensaan aguugame, harka tokkotti ulee qabatee harka isa kaaniin immoo cuggee dhadhaa ejersaa qabatee achi dhaabataa jira; inni isa kanaan dura waggaa sadi'ii fi walakkaadhaaf, "Hamma ani guyyaa isaa himutti, fixeensi lafa irratti hin argamu" jedhee dubbate dha, isaan waan akka ifa geengoo (halos) fi waan akka gaadidduu jala lixanii, waan hundumaa iddoo waaqayyoo bu'anii in dubbatu. "Egaa kunoo jaarsi maraatuun sun namoota kanneen asitti ol yaasee, kunoo as gaara kana irra dhaabachaa jira." Wanti nama hawwate sun maali? Inni isa Waaqayyotu raajiin Isaa sirrii akka ta'e hojiidhaan mul'isuuf hojjechaa ture dha. Inni isa Waaqayyo yeroo sanatti dubbii raajii raawwachaa jiru dha.

35 Sun ta'ee waggoota dhibba muraasaan booda, nama Hafuuruma sanaan dibame tokkotu ture, inni nama lafa onaa keessaa ba'ee dhufe ture, inni nama dhaabbata amantii kamii wajjin hidhata hin qabne ture; haa ta'u iyyuu malee abbaan isaa nama dhaabbata amantii ture, inni sadarkaa lubaa irra nama ture dha. Inni garuu lafa onaa keessaa ba'ee dhufe, inni gogaa hoolaa ofitti marxifatee dhufe, nama guutummaan fuula isaa rifeensaan weerarame ture. Rifeensi isaa silaa arrii ta'uun kan irra ture, gurraacha ta'e. Hawwata namicha kanaa isa kami, inni Yerusaalemii fi Yihudaa ofitti hawwate? Kaan isaanii karaarra walii wajjin deemaa, "Dachaa sana namicha lafa onaa tokkotu jira. Inni namoota bishaan nyaachisuu yaalaa jira. Waan akkasii kana namni takkaa dhaga'ee buuku eenyu?" jedhaa turan.

36 Kaan isaanii warra dhimmanii eegaa turan yoo ta'an, isaan, "Kun Masiihicha ta'uu qaba" warra jechaa turani dha. Isaan keessaa namoonni kaan immoo, "Inni raajota keessaa tokko ta'uu danda'a" jedhan. Isaan waan yaadan hin beekan turan. Inni garuu maal ture? Inni isa Waaqayyo Isaayaas boqonnaa 40 keessatti "Ilaa…" jedhee dubbate, isa Inni wanta guyyoota dhumaa keessatti godhu, attamitti akka garbicha Isaa erguu fi inni maal hojjechuuf jiru isa dubbatee ture isa Inni raawwachaa jiru dha.

Sanatti aansuudhaan torbanoota muraasa booda ergaan namicha sanaa sirrii ta'uu irraan kan ka'e inni hamma, "Namni tokko isin gidduu dhaabatee jira, anis kophee miilla Isaatii baachuudhaaf nama ta'u miti. Ani bishaaniinan isin cuupha, Inni garuu Hafuura Qulqulluu fi ibiddaan isin cuupha" jedhutti ga'e.

37 Guyyaa tokko namni akkuma nama kamuu ta'e, Namni dargaggeessi umuriin Isaa naannoo soddomaa ta'e cuuphamuuf gadi bu'e. Yommuu Namni kun dhufetti hawwata cimaa wayiitu raajii kana ofitti hawwate, raajichi akkaataa dur ta'ee hin beekne ta'e. Akkaataa raajichi yommuu galaanich biratti lubootaa wajjin waliin falmu godhachaa ture sana irraa amantoonni dhowwuu hin dandeenye.

Isaan, "Iddoo aarsaa kana Waaqayyotu ijaare. Kana akka goonu Waaqayyotu nutti hime. Raajiin keenya Musee dha. Nuyi Museetti amanna. Aarsaan dhi'eeffamu gonkumaa hin badu" jedhan.

Yeroo sanatti utuu Yohannis, "Caaffata Qulqulla'aa keessatti isa Daani'el, isin, 'Aarsaan walitti fufee aarfamu sun in balleeffama' jedhe hin dubbifannee? Yeroon sun ga'eera! Waan Isaayaas boqonnaa 40 keessatti, 'Sagaleen lafa onaa keessaa lallabu Gooftaadhaaf karaa qajeelcha' isa jedhu hin dubbifannee? Dubbiin raajii lama waa'ee kootiif dubbatameera. Kan biraan immoo, waggaa dhibba afur dura raajiin keessan Miilkiyaas boqonnaa 3 keessatti, 'Kunoo, Ani ergamaa Koo isa karaa Anaaf qopheessu Of dura Nan erga' jedhe hin beektanii? Raawwannaa dubbii raajii akka ta'e hin beektanii?" jedhuu nan dhaga'a. Dubbiin raajii dubbatame raawwachaa jira!

38 Battaluma sanatti raajichi of duuba ilaalee, "Ilaa, Hoolaa Waaqayyoo Isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhu!" jedhe. Egaa amma wanti nama hawwatu sun maali? Raajii irraa gara raawwii dubbii raajiitti isa jojjiirame dha.

Amma immoo wanta ta'uuf jedhu ilaalaa. Kunoo namni nama biratti beekamtii hin qabne, namni namni quba hin qabne, ilmi namicha muka soofuu deemaa gara bishaanichaa dhufe. Raajii guddaa inni ta'e Yohannis yeroo sanatti, "Siin cuuphamuun anaaf barbaachisa, Ati immoo cuuphamuuf gara koo dhuftaa?" Isaan jedhe.

Inni immoo, "Waaqayyo duratti waan qajeelaa ta'e hundumaa akkasitti raawwachuun waan nuuf ta'uuf, amma ana ittisuu dhiisi!" isaan jedhe.

Kana irratti Aarsaan dhi'eeffamu utuu hin dhi'eeffamin dura miicamee dhi'aachuu akka qabu hubatee Isa cuuphe.

39 Egaa cuuphamee bishaan keessaa ba'ettis hawwata kan biraatu ta'e. Raajiin bara isaa fi yeroo isaa labsuutti baay'ee amanamaa ta'e kun, yommuu ol ilaalu bantii waaqaa banamaa arge. Hafuurri Waaqayyoo bifa gugeetiin utuu Isa irra bu'uu argee sagalee, "Kun Ilma Koo isa An jaalladhu, gammachuun koos Isatti in raawwatama" jedhus in dhaga'e. Wanti Yordaanositti yaada namaa ofitti hawwataa ture, isa Waaqayyo ergaa raajii tokko ifatti mul'isaa ture dha.

40 Obboleessi tokko sila faarfatee ture, yookiis inni, "Gaara fagoo sana irra fannoo ligidaa'e (rugged) tu dhaabatee jira" jedhee faarfachuutu irra ture. Wanti Gaara Qaraaniyoo irraa ofitti nama hawwatu maali? Warra amantii biyya lafaa yommuu ilaallu, isaan Isatti faradan, mootummaan Roomaa immoo du'aan akka adabamu Isatti murteesse. Kunoo isaan asitti warra hamaa godhan lama gidduutti Isa fannisanii, dheebuudhaan Isa ajjeesaa jiru, Dhiigni dhagna Isaa keessaa dhangala'ee dhumaa jira. Inni achitti fannifamee, "Waaqayyoo Koo, Waaqayyoo Koo, Ati maaliif Na dhiifte?" jedhee iyye. Namoonni amantii immoo achi dhaabatanii ilaalaa turan, dubbiin raajii Kakuu Moofaa keessatti dubbatame kallattiidhaan Qaraaniyootti raawwatamaa akka jiru, yeroo sanatti waa xinnoo in beeku turan.

Daawit iyyuu akkuma raajota hundaa Hafuura keessa galee, akka waan isa irratti raawwatameetti dubbate. Daawit Faarsaa boqonnaa 22ffaa irratti, "Waaqayyoo koo, Waaqayyoo koo, maaliif na dhiifte? Lafeen koo hunduu lakkaa'amuu in danda'a. Harka koo fi miilla koos uranii in fullaasan" jedhee iyyee boo'e. Daawit akka waan isa ta'eetti dubbataa jira. Inni daawitiin miti, Kristos isa Daawitiin keessa ture malee.

Egaa asitti dubbiin raajii raajota garaa garaa hundumaan dubbatame, Gaara Qaraaniyoo irratti raawwatamaa jira. Wanti Gaara Qaraaniyoo irraa ofitti nama hawwatu maali? Isa Waaqayyo Dbbii Isaa raawwachaa jiru.

41 Wanti gaara irraa ofitti nama harkisa kan biraan isa Guyyaa Phenxeqosteetti ta'e ture, hundumti isaanii yommuu ayyaana amantii ayyaaneffachuuf ol ba'anitti, isaan leellistoota amantii (fanatics) hundumaa irraa of fageessina jedhanii yaadan. Isaan guyyoota kudhaniif isaan hin dhaggeeffanne. Utuma itti hin yaadin hamma libsuu ijaatti, akka kanniisaa gaaguraa yaatuu kutaa manichaa gara olii keessaa cabsanii, sagalee of fudhtanii iyyaa, caraanaa gara karaatti ba'an.

"Maali kun? Kun maal jechuu dha? Namoonni kun hunduu in machaa'anii?"

Ilaalaa! Raajiin tokko akka seera raajiin tokko ta'uu qabuutti isaan gidduu dhaabatee, "Isin yaa warra Yihudootaa, warri Yerusaalem jirtanis hundinuu, mee hubadhaa, dubbiin koos isiniif haa galu. Jarreen kun kan machaa'an isinitti hin fakkaatin, amma ganama, yeroonis sa'aatii sadaffaa dha. Inni asitti ta'e kun garuu waan Waaqayyo afaan raajicha Yo'eliin dubbate dha; 'Guyyaa gara dhumaatti Hafuura Koo foon-qabeessa hubdumaa irratti nan dhangalaasa' jedhee dubbatee dha" isaaniin jedhe. Wanti nama hawwataa ture isa dha.

42 Namoonni amantii erga Mootii Jireenyaa fannisaanii, erga waan hundumaa gidhanii booda, amma iyyuu abdii Hafuura Qulqulluu abdachiifame hin argine. Hawwata, "Kun eenyu? Kun maal jechuu dha? Namoonni kun sun maal ta'an?" jedhutu ture.

Oo, yaa anaa! Har'as akksuma. Sababa yerootiif jennee waan baay'ee silaa amma dubbachuuf jenne bira drbina. Har'as akkuma yeroo sanaa ti. Waanuma tokkochatu ta'aa jira. Gaaffiidhuma wal fakkaataatu gaafatamaa jira. "Sagaleen wacaa dhaga'amu sun maali?" Mee karaarra olii fi gadi ilaalaa, konkolaataa Michigaanii gara Filooriidaa, Maa'ineedhaa gara Kaalifoorniyaa deemu ilaalaa. Har'a ganama yeroon dhufaa turetti, yookiis akkuma waaree boodatti seeneen, haadha manaa koo wajjin gara karaatti yommuu gadi baanetti, iddoo eyyamni konkolaachisaa kennamu ilaalaan ture. Iddoo sana dhaabadheen waa'ee mata duree kanaa yaade.

"Kun maal jechuu dha?"

Akkuma Inni dubbate, "Foonni iddoo jirutti joobiroonni wal in ga'u."

43 Haadha manaa kootiin akkasin jedhe, "Dammee, galgala dheengeddaa yeroon hundumaatti nagaa dhaamee, wanta Waaqayyo godhi naan jedhe gochuuf deemee ture in yaadattaa? Ati faarfannaa sana faarfattee turte."

Oo, isaan Bahaa fi Dhihaa irraa dhufani,

Isaan biyya fagootii dhufan,

Mootii keenyaa wajjin nyaachuuf, akka keessummaa Isaatti nyaachuuf;

Maal godaansi amantii akkas eebbifamaan!

Ilaalaa fuula Isaa isa qulqulluu

Ifa jaalala Hoodaa wajjin;

Hirmaattuu eebba ayyaa Isaa,

Akka dhagaa qati-jabeessa gonfoo Isaa irraa ifuu.

44 Wanti hawwataan isa sana. Sanyiin Waaqayyoo isheen durumaan yaada Isaatiin qabamte Isa duukaa bu'uu irraan kan hafe waan gootu tokko iyyuu hin qabdu, kana jechuun Inni jireenya irra nuuf in caala jechuu dha. Jireenya keenya fudhu, garuu Isa fudhachuu hin dandeessu. Wanti nama hawwatu maali? Waaqayyo akkuma kanaan duraa Sagalee Isaa raawwachaa jira. Inni ammas dubbii afaan raajii Zakriaariyaasiin dubbate raawwachaa jira.

Daqiiqaa muraasa dura yeroon lakkoofsa 9ffaa irraa dubbasitti, Yesus yeroo harree adii sana yaabbatee mana qulqullummaa Isaa seenettie, yookiis yeroo Yerusaalemiin seenetti raajiin Zakaariyaas dubbate in raawwatame. Inni kunoo ti, “Isin yaa namoota Xiyoon, guddaa gammadaa! Isin yaa namoota Yerusaalem, guddisaatii sagalee gammachuu dhageessisaa! Kunoo, Mootiin keessan Inni qajeelaan, Inni mo'aan, gad of deebisee, harree yaabbii keessaa ilmoo harree irra taa'ee gara keessan in dhufa.” Wanti Yerusaalemitti ofitti nama hawwate isa kana, wanti iddoo waajjira mummee amantiitti, Yerusaalemitti ofitti nama hawwate isa kana.

45 Amma wana guyyaa dhumaatti ta'aa jiru in ilaalla! Mee Zakaariyaas keessaa itti fufnee fuula muraasa haa ilaallu. Mee gara guyyaa dhumaatti ceenee haa ilaallu. Inni sun bara giddu galeessaa ture; amma mee gara guyyoota dhumaatti haa ceenu. Zaakariyaas boqnnaa 14ffaa lakkoofsa 4ffaa irraa jalqabnee haa ilaallu. Dhaggeeffadhaa! Kutaa Macaafaa keessaa gara lakkoofsota sagalii dubbifachuu jenna. Lakkoofsa 4 hanga 9tti haa dubbafinannu. Sirriitti dhaggeeffadhaa. Inni dubbii raajii Dhufaatii Isaatiif, guyyaa dhumaatiif dubbatame dha. Amma sirriitti dhaggeeffadhaa. Kun ISA WAAQAYYO DUBBATE dha. Inni Dubbii Macaafaa Zakaariyaas 14 ti. Zakaariyaas 9 irratti Inni maal akka jedhe in yaadattuu? Isaan Isa hubachuu hin dandeenye. Har'a hoo Inni maali? Zakaariyaas 14 waa'ee Dhufaatii Isaa dubbataa jira.

Guyyaa sanatti miilli isaa tulluu ejersaa isa Yerusaalem irraa gara ba'a-biiftuu jiru irra in dhaabata; tulluun ejersaas gara ba'a-biiftuutii gara lixa-biiftuutti, iddoo lamatti gargara in dho'a; walakkaan tullichaa gara bitaatti, walakkaan isaa immoo gara mirgaatti in hiiqa, gidduu isaattis dachaan guddaan in uumama.

Yaa namoota Yerusaalem, isin immoo gara dachaa tulloota koo isa hamma Azelitti bal'atutti in baqattu; akkuma bara Uziyaa mootii Yihudaatti, socho'a lafaa jalaa baqattan ammas in baqattu; yommus Waaqayyo gooftaan koo in dhufa, qulqulloonni isaa hunduus isinii wajjin in dhufa.

46 Socho'a lafaa biraatu lafa iddoo lamatti garga dhoosaa jira! Kutaa caaffataa kana duukaa yoo buutan, lakkoofsa 5ffaa hubadhaa, iddoo lamatti gargar dho'uun tulluu ejersaa sababa socho'a lafaati, kun immoo Isaayaas 29:6 fi Mul'ata 16:9 mirkaneeffameera. Dhugaadhumatti! Inni maali? Raajii isuma Dhufaa Isaa isa jalqabaa argetu Dhufaatii Isaa isa lammataas arge. Hubadhaa, “Akkuma guyyoota socho'a lafaa.” Waan socho'i lafaa gochaa jiru argitanii? Waa'ee isaaniif raajii dubbatame argitanii?

Guyyaa sanatti ifni, dukkannis hin jiru (haaleluyyaa).

Guyyaan biraa tokko in ta'a; isas Waaqayyotu beeka, gaafas yeroo galgalaa'u ifatu ta'a malee, guyyaan hin ta'u, halkanis hin ta'u. (Oo, yaa Waaqayyo!)

47 “Gaafas yeroo galgalaa'utti ifatu ta'a,” raajii isuma sanatu dubbate. Namoonni immoo jaamota ta'an! Wanti ofitti nama hawwatu maali? meel lakkoofsa lamaan tokko itti fufnee haa dubbifannu.

Guyyaa sanatti Yerusaalem keessaa bishaan jireenyaa in burqa; walakkaan isaa gara galaana ba'a-biiftuutti, walakkaan isaa immoo gara galaana lixa-biiftuutti bonaa fi ganna in yaa'a.

Yommus Gooftichi guutummaa biyya lafaa irratti mootii in ta'a; gaafas Gooftaan isuma tokkicha, maqaan isaas tokkicha.

Yeroo galgalaa'utti ifni in ta'a, (sirrii dha)

Karaa Ulfinaa sirriitti in argita;

Karaan bishaan keessaa Ifa har'aa ti,

Maqaa Yesus isa jaallatamaatiin awwaalami.

Xinnaa fi guddaan hunduu, yaada garaa geeddaradhaa,

Hafuurri Qulqulluun dhugaatti isin keessa in galaatii;

Ifti galgalaa dhufeera,

Innis dhugaa Kristosii fi Waaqayyo tokko ta'uu ti.

Garamitti akka deemaa jirru argitanii?

Saboonni gargar caccabaa jiru, Israa'el dammaqaa jirti,

Milikkinni raajonni keenya dursanii dubbatan; (socho'a lafaa guyyaa dhumaatti warra Saba Waaqayyo hin jedhamin (Gentiles) irratti dhufu)

Guyyaan warra jentaayilii (Gentile) dhumaa jira, akaafaan itti kaa'ameera.

Oo, warri faffacaatan gara saba keessaniitti sassaabamaa.

Warri dhiitamtanii gadi baafamtanii fi warri markaba irraa buutanii kokolaataa fardaan harkifamuu (gar gaariitti) isa haaraatti darbitan, utuu duuti isin hin rukutin achi keessaa ba'aa. Waaqayyo Isa mirkaneesseera. Inni akkasuma in ta'a.

48 Mee Kakuu Moofaa keessaa gara Caaffata kan biraatti haa dabarru. Miilkiyaas boqonnaa 4ffaa haa ilaallu, Boqonnaa baay'ee gabaabaa ta'e kana haa dubbifannu.

…Kunoo, guyyaan akka iddoo ibiddaa gubu in dhufa; yommus warri koortuunii fi warri hamaa hojjetan hundinuu akka cidii in ta'u;…

Amma egaa kun…miti. Dhufaatii isa jalqabaa kan ibsu Miilkiyaas boqonnaa 3 yoo ta'u, kun immoo dhufaatii isa lammmataa ti. Wanta Dokteer Iskoofiildi miil jaleetti hiikee barreessuu baay'ee waajin kanan irratti walii hin galle yoo ta'e illee, as irratti waan sirrii wajjin wal qabsiisee kaa'eera. "Ergama Yohannis cuuphaa" Milkiyaas 3 wajjin wal qabisee; "Dhufaatii Kristos isa Lammataa" immoo Eliyaas dursee akka dhufu kaa'e. Sirrii dha.

…warri koortuun hunduu akka cidii in ta'u; guyyaan dhufu sun isaan in guba; hidda yookiis damee isaaniis hin hambisu jedha Gooftaan maccaa. (Yoos qililleen ibiddaa kan bara baraa [Eternal hell] meerre ree?)

Isin warra maqaa koo sodaattaniif garuu aduun qajeelummaa inni qarri isaa fayyina of keessaa qabu isiniif in ba'a; akka jabbii goorana keessaa ba'ees gad baatanii in burraaqxu;

Isin yommus warra hamoota in dhidhiittu; isaanis guyyaa ani waan kana godhutti koomee keessan jalatti daaraa in ta'u; kana ana Gooftaa maccaatu dubbate.

Barsiisa garbicha koo Musee, seerrataa fi wanta ana duratti qajeelaa ta'e, isa ani tulluu Horeeb irratti guutummaa Israa'eliif isatti kenne yaaddhaa!

49 Kun dhufaatii Eliyaasii ti.

Kunoo, ani Eliyaas raajicha isiniif nan erga…

Xumura ittiin gala Dubbii Macaafa Kakuu Moofaa!

Kunoo, guyyaan Gooftaa inni guddaanii fi inni sodaachisaan sun utuu hin dhufin dura ani Eliyaas raajicha isiniif nan erga.

Amma egaa inni kun Yohannis ta'uu hin danda'u. Lakki. Hubadhaa, lafti gubatee hin badne, warri qajeelonnis warra hamoota lafatti hin dhidhiinne. Hubattanii? lakki, lakki kana hin goone.

…guyyaan Gooftaa inni guddaanii fi inni sodaachisaan sun utuu hin dhifin dura ani Eliyaas raajicha isiniif nan erga.

Ani dhufee, lafa abaarsaan rukutee akkan hin balleessinetti, inni garaa abbootaa gara ijoollee isaaniitti, garaa ijoollees gara abboota isaaniitti in deebisa.

Dhibbaa dhibbatti sirrii ta'uu Hafuura Qulqulluu hubadhaa ilaalaa, Inni Eliyaas yeroo lama dhufuun isaa akka bitaa namatti hin galle godhe. Miilkiyaas boqonnaa 3 keessatti, "Ergamaa koo isa karaa anaaf qopheessu of dura nan erga" jedhe. Yesus waa'ee Yohannis gaafatamee turee, akka jedhee deebise, "Yoo dandeessan isa fudhadhaa, kun isa raajichi, 'Ani ergamaa koo isa karaa anaaf qajeelchu of dura nan erga' jedhee dubbate' dha. Kun Eliyaas isa in dhufa jedhame dha." Milkiyaas boqonnaa 3.

50 Dubbiin Macaafaa sirriitti ibsee akka kaa'u hubadhaa. Waan…kun…warra amananitti, warra arguu barbaadanitti agariisu sirriitti hubadhaa. Yaadadhaa, Yesus Caaffata tokko utuu dubbisuu gidduutti dhaabe, sababiin isaa gartokkeen isaa yeroo sanatti kan raawwatamu yommuu ta'u gartokkeen hafe

immoo Dhufaatii Isaa isa lammataatti kan raawwatamu waan ta'eef mitii? Inni, “Sagalee misiraachoo warra gadadamootti himuudhaaf Na dibeera; warra jaamaniif agartuu isaanii deebisuudhaaf; warra cunqurfaman luba baasuudhaaf; waggaa ayyaana jaalala Gooftaa labsuudhaaf Na ergeera” jedhee addaan kutee dhaabe; “Warra saba Waaqayyo hin ta'in jedhaman (Gentile) firdii” hamma Dhufaatii Isaa isa lammataatti hin ta'u.

51 Dubbii Macaafaa kana isa kanaa wajjin wal bira qabaatii ilaalaa. “Inni, Eliyaas, garaa abbootaa gara ijoollee isaaniitti in deebisa.” (Amma waa'ee Miilkiyaas boqonnaa 4 dubbachaa jirra, Miilkiyaas boqonnaa 3 wajjin isin duraa wal hin makin.) Yohannis, Eliyaas inni dhufaatii Kristos isa duraa dura dhufe, garaa abboota mantii durii (patriarch fathers) gara ergaa ijoollee isaaniitti, gara ergaa isa haaraatti deebise.

Amma immoo ilaalaa. “Garaa ijoollees gara abboota isaaniitti in deebisa.” Dhufaatii isaa isa lammataa keessa, guyyaa dhumaa keessa, inni ammas deebisee garaa namootaa gara Amantii ergamootaa (apostolic Faith) in deebisa. Dubbiin Macaafaa attamitti akka wal irra oolu argitanii?

Inni egaa dhuma Kakuu Moofaa ti, Kakuu Moofaa. Amma egaa yeroo galgalaa'utti ifni akka ba'u in agarra. Inni maali? Inni fiixee dha, Tulluu fiixee Mukaa (Mount Treetop) ti.

52 Akkuman sila ganama dubbadhe, nuyi damee amantii keessaan biqillee guddanne, akkakuman sila ganama dubbadhe, (muka burtukaanaa keessaan) guddannee dhufne miti, qomxaaxxee, loomii, mandariinaa fi wantoota isa jalqabaa irraa adda ta'an gosa garaa garaa keessaan guddaannee dhufne. Garuu erga...booda…. Isa hin dhiisinaa. Kunoo Inni in dhufe. Erga dameeleen amantii hunduu ga'ee isaanii taphatanii booda, isaan jalqabuma iyyuu Ifa hin qaban, guyyaa halkanis giyyaas hin jedhamee hin waamamne dhufuuf jira.

Isaan maal gochaa jiru? Isaan maal gochaa jiru? Loomiin muka burtukaanaa irraa maal hojjechaa jira? Inni lubbii burtukaanaa isa jalqabaa isa biqilee ba'uuf deemu fuudhee loomii keessaan akka ba'uuf karaa irraa jal'isa. Inni kun karaa warri dameelee amantii Dubbii Waaqayyoo fuudhanii jal'isanii wajjin tokko, isaan akkasitti barsiifata isaaniitiif jedhanii Dubbbii Waaqayyoo in busheessu. Kun ISA HAFUURRI GOOFTAA DUBBE DHA. Isaan loomii fi qomxaaxxee godhatan malee burtukaana miti.

53 Garuu raajichi maal jedhe? Raajii isuma dubbisa keenya galgala kanaa isa, “Isin yaa namoota Xiyoon, guddaa gammadaa! Isin yaa namoota Yerusaalem guddisaatii sagalee gammachuu dhageessisaa! Kunoo, Mootiin keessan Inni qajeelaan, Inni mo'aan, gad of deebisee, harree yaabbii keessaa ilmoo harree irra taa'ee gara keessan in dhufa” jedhetu, “Yeroon iji wayinichaa bilchaatu in dhufa” jedhee dubbate. Aduun gara biyya lafaatti kan baatuuf ija mukaa bilcheessuufi. Inni maaliif bilcheessuu hin dandeenye? Ija muka bilcheeffamuutu hin jiru ture. Garuu amma iyyuu Lubbuu adeemsa ishee itti fuftee jirti.

54 Inni butukaana ta'uuf qomxaaxxee firii qomxaxxee keessaan biqilee yommuu ba'utti, gurmaa'ee argame; inni qomxaxxee ture. Inni ammas in dhaabame, yeroo sanatti immoo loomii ta'ee argame. Ammas lafa keessa dhaabame, amma immoo waan kan biraa ta'ee mul'ate. Gara dhumaatti fiixee mukichaa irratti inni gara taangeeloo (tangelo) jijjiirame, taanjeeloon firii walakkaan isaa burtukaan, walkkaan isaa immoo loomii ta'e dha; sanyii walitti makuun diqaalomfame, wanta dabsame dha; gara ja'inaatti dhufe, muka isa duraan ture irraa adda ba'e; qola sanyiiti, “yoo isaaf danda;ame warra Fo'aman iyyuu in wallaalchisa.” Inni birtukaana fakkaata, garuu burtukaana miti.

Yeroo isheen jaarmiyaa garasitti guddattutti garuu, “Ifni in ba'a.” Yommuu isheen jaarmiyaa keessaa baatee dabartutti, inni in daraara, isheen akkuma isa jalqaba biyyoo keessa dhaabameetti burtukanaa isa sirrii in godhatti, sana booda Ifni in ba'a.

Wanti nama ofitti hawwatu maali; maaltu ta'aa jira? Dubbii Waaqayyootu raawwatamaa jira. Wanti kun akka ta'u dhuga baatota lamatu Kakuu Moofaa keessa jira.

55 Mee Kakuu Haaraa keessaa Wangeela Yohannis 14:12 keessatti waan Yesus jedhe haa fudhannu.

…, namni anatti amanu waan ani hojjedhu hundumaas in hojjeta; …

Akkasumas, Luqaas 17:22 hanga 30tti, Inni dubbateera.

Utuu Sodoom hin gubatin dura, akkuma guyyota Looxitti ta'e, bara deebi'ee dhufuu ilma namaattis akkasuma in ta'a, guyyaa ilmi namaa itti mul''ifamutti akkasuma in ta'a.

Oo, mee Caaffatoota ilaalaa! “Ilmi namaa,” Yesus Kristos kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana, Inni damee amantii bira ol darbee margee lalise, inni fiixee Mukichaa irratti margee lalise. Inni Yohannis 14, yokkin 15 irratti maal jedhe? “Abbaan Koo dameen utuu anatti jiruu ija hin godhanne hundumaa in mura; damee isa ija godhatu hundumaa garuu, caalchisee akka inni godhatuuf irraa in qexa'a. Damoonni utuu anatti jiranii ija hin godhanne muramanii in gatamu, in gogus; walitti qabamaniis in gubamu.”

56 Oo, guyyoota dhumaatti bokkaan inni duraa fi bokkaan inni boodee dhugaan garee xinnoo yeroo Inni

gad of deebisee ilmoo harree irra taa'ee dhufe duukaa bu'anii sagalee isanii ol fudhatanii, "Hosaa'inaa, Mootiin Israa'el Inni maqaa Waaqayyo Gooftaatiin dhufu galateeffamaa dha" jedhaniif in kennama. Lakki, warra damee amantiitiif hin kennamu. Har'a rakkoo maaliitu jira? Wanti tulluu irraa ofitti nama hawwatu maali?

57 Dhi'eenyuma kana, waltajjiidhum akan irra utuun dhaabadhee jiruu Hafuurri Qulqulluu, "Guyyaan isaan dhufanii qofoo balbala kee dura dhaaban in dhufa; isaan balbala kee in buqqisu. Kanaafis, guyyaa sanatti, dhiisii bira darbi malee hin aarin" jedhee natti dubbate. Balbballi koo falaxamee utuu gaaratti hirkifamee jiruun arge. Gaarri dura koo jiru guutmmaatti qotamee, saaxinii fi wantootni garaa garaa wanta ta'een caccabsamanii utuu walitti qabamanii achi jiraniin arge. Inni akkas naan jedhe,…

Dubartiin dhodhommoqxuu (Ricky)n wayii dhuftee balbalicha buqqiftee baafte. Anis, "Maaliif natti himuu diddan?" jedheen gaafadhe. Inni waan na hifateef haareen isa dha'uu jalqabe. Yeroo kun ta'etti, "Ergan sarara geengoo kana keessa galee kana godhee hin beeku, garuu akka ati bartun barbaada" ittiin jedheen, tokko isa kabala. Dha'ee gadi isa teessiseen, dha'ee ol isa kaaase, hammas dha'een gadi isa teessise. Yeroo sadii, yookiin afur qabee l kaaseen, sana booda dhiiteen tabbarraa gadi darbadhe. Yeroo sanatti iddoo inni jirutti gadi deemeen, "Kun sirrii miti" isaan jedhe. Harka isaa qabee ol isa kaaseen, "Ani sitti hin aarre, garuu akka sanatti natti haasa'uu akkahin dandeenye akka ati bartu barbaadeen malee"n ittiin jedhe.

Sana booda yeroon deebi'ee manaitti galutti, Hafuurri Qulqulluu balbala dura dhaabatee, "Amma kana dhiisii bira darbi. Yommuu qofoon balbala keeduratti qofa'amutti, gara lixa-biiftuutti gala gali" naan jedhe.

Macaafni kun, waanan barbaadu hundumaa ti,

Macaafni kun foormulaa gaarii ti,

Inni karaan ittiin rakkoo koo irra naanna'u dha.

Ameen!

Macaafichi Sagalee dha, Sagaleen immoo Waaqayyo dha. Rakkoo kee dhiisii bira darbi, Inni waan gochuu qabdu sitti in himaa.

58 Waggaa sadan har'aa serveeyeriin (surveyor) magaalaa, hiriyaan koo namni mana koo irraa karaa gadi jiraatu hiriyaan koo qofoo akka qofa'aa akka jirun dhaga'e. gadi ba'een, "Rakkoon jiru maali, dhoqqeedhaa?" jedheen gaafadhe. Ilma obbo Kiingiiti, anaaf fira foonii ti.

Inni deebisee, "Biilii, karaa kana bal'isuuf jedhu" naan jedhe.

Hundu keessanuu in yaadattu. An immoo, "Tarii riqicha ijaaruu ta'a" jedheen deebiseef. Obboleessa keenya Woodsiin, "Qabeenya kee walitti qabadhu. Tarii riqicha ijaaramuuf deemu asirra darba waan ta'eef" jedheen isatti hime. Karaan qotamaa jira ture; xuubiin, dhagaan iddoo hundumaa tuulameera. Kanaafis inni… "Qabeenya kee sassaabadhu" jedheen isatti dubbadhe. Sana booda yeroon…

Obbo wanti sun ta'uuf akka jiru obbo Kiintu natti hime.

Mana ol galeen haadha manaa kootti hime, "Dammee, waa'ee kanaa waan barreeffamee ture tokkotu jira. Iddoo ta'e tokko, ISA GOOFTAAN DUBBATETU jira" jedheen isheetti hime.

59 Ol galeen yommuun kitaaba koo ilaalu, inni akkas jedha, "…dhufee in raawwatama." Waggaa saddeet booda!

Yommus yeroon kitaabicha ilaaletti, "Dammee, yeroon isaa amma, dirqagama gara lixa-biiftuutti gala galuu qabna" jedheen dubbadhe.

Kun ta'ee guyyaa lama booda, ganama gaaf tokkoo naannoo sa'aatii afuriitti kutaa koo keessa dhaabachaa utuun jiruun, Hafuura Waaqayyoo keessa gale. Tuuta gugee walitti hidhamanii (cluster of doves) balali'anii tokkon arge, gara simborrowwan miskiina sanaan nan ilaale. Isa kana in yaadattu. Ergamoota Waaqayyoo torba bifa piraamiidiitiin uumanii utuu gara kootti as fiiganiin arge. Sagalee, "Gara lixa-biiftuutti galagali, gara Tuuksan deemi, kaaba bahaatiin maayilii afurtama irratti argami. Qamaxxee (cocklebur) wayyaa kee irraa funaantee in harcaafta" jedhun dhaga'e.

60 Obboleessi keenya Sootmaan namni amma achi taa'ee na ilaalaa jiru, ganama gaafa sanaa achi ture. waa'ee isaa nan irraanfadhe.

"Dho'iinsi akka socho'a lafaa ta'ee, akkan waan wanti hunduu lafa irraa balleeffameetti lafa raase. Namni attamitti isa irraa hafuu akka danda'e hin beeku" jedheen dubbadhe. An na'een diilallaa'e. Ani yeroo sana Fooneksiin dhaabadheen ture, namoonni amma na dhaggeeffachaa jirtan dhugaa naaf in baatu. Lallaba mata duree, Gooftolii, Yeroon meeqa? jedhu irrattin lallaban ture. "Garamitti deemaa jirra?" Gara lixaan deeme. Baay'een keessan sagalee teeppii waraabe sanaa argattaniittu, baay'een keessan

warri addana jirtan wanti sun utuu hin ta'in waggaa tokkoon dura akka dubbatame dhageessaniittu.

61 Wanti ta'uuf jedhu dinqisiifachaan gara dhihaatti sokke. Guyyaa tokko Waaqayyo biraan waamicha dhaga'e. Haadha manaa kootiin akkasin jedhe, "Dammee, ani…Tarii hojiin koo xumurameera fakkaata" jedheen isheetti dubbadhe. Ani hin barre. An, "Ani…Waaqayyo, Waaqayyo waan anaa wajjin hojjetu xumureera fakkaata, tarii ani gara Mana kootti galuufan jedha. Ati deemii Biilii bira deemii ijoollee fuudhi. Waaqayyo karaa siif in tolcha. Deemii dhugaatti Waaqayyoof jiraadhu. Ijoolleen mana barumsaa akka hordofan taasisi, sodaa Waaqayyootti isaan guddisi" jedheen isheetti hime.

Isheen immoo, "Biilii, sun dhugaa ta'uu hin beektu" naan jette.

Ani immoo, "Lakki. Garuu namni waan sana irraa hafuu hin danda'u" jedheen isheetti dubbadhe.

Ganama gaaf tokkoo Gooftaan hirribaa na kaasee, "Holqa dhagaa Saabinoo sana keessa seeni" naan jedhe. Anis cittuu waraqaa fi Macaafa Qulqulluu fudheen ka'e.

Haati manaa koo, "Eessa deemaa jirta?"

Ani immoo, "Ani hin beeku. Yeroon deebi'ee dhufun sitti hima"n isheedhaan jedhe.

62 Gara hoqa dhagichaattin ol ba'e, gubbaa naannoo lafa joobiroonni balali'anittin ol ba'e. Diirii (deer) dhaabataa jiru tokkon ilaalan ture. Kadhachuuf jilbeefadheen harka koo yeroon ol qabu, Bollaan harka koo keessa bu'e. Naannoo koon ilaale. "Maal inni kun? An nama kam iyyuu bira hin jiru. Kunoo billaan immoo harka koo keessa jira; billaa ifaan, billaa aduu keessaa calaqqisu immoo harka koo keessa jira" jedheen yaade. "Amma namni naannoo kootti, holqa dhagaa gaara gubbaa kana irra namni natti dhi'aatee jiru hin jiru. Kun eessaa dhufuu danda'e?" jedheen dubbadhe.

Sagalee, "Inni Billaa Mootii ti" jedhun dhaga'e.

Ani immoo, "Namni billaa mootii qabatu loltuu mootii ti"n ittiin jedhe.

Inni, Sagalichi (the Voice) deebi'ee gara koo dhufee, "Inni billaa mootii miti, 'Billaa Mootichaa ti malee,' Sagalee (Word) Gooftichaa ti malee" naan jedhe. Inni, "Hin sodaatin. Inni Harkisa Sadaffaa (Third Pull) duwwaa dha. Inni mirkaneeffannaa tajaajila keetii ti" naan jedhe.

63 Hiriyaa koo tokkoo wajjinan adamoo deemaa jiran ture, yeroo sanatti wanta ta'uuf jedhu utuun hin beekinan deemaa jiran ture.

Namni ta'e tokko na waame, namni na waame sun nama waa'ee suuraa Ergamaa Gooftaa sanaaf na qeeqe ture, namuma suuricha kaase sanatu na waame. Ilmi isaa gaaddidduu jala jiruu akkan kadhadhuuf gara Hoostenitti na waame, ilmi isaa du'uuf guyyaa muraasatu hafe ture. Inni achitti na argee harka isaatiin diriirsee na haamatee, "Yaadaa mee, naman qeeqaa turetu ilma koo naaf fayyisuu dhufe!" jedhe. Dhaabbinni hawaasa gargaartotaa dhala namaa oolchuuf hundeeffaman (humane society) badhaasa lubbuu baraartotaaf kennamu isa oskaar (Oscar) jedhanii waaman tokko, lubbuu baraarte jedhanii naaf kennanii turan.

64 Yommus ani an deebi'een deeme, adamoo adamsuufan gara Tulluutti ol ba'e. Anaa fi obboleessa keenya Fireedtu achi ture, ganama gaaf tokkoo yommuun gadi ba'u iddoo booyyewwan deemaa jiranin arge. "Obboleessa koo Fireed, ganama barii gar tulluu sanaatti ol ba'i, yeroo lafti ifutti ani immoo gara isa kaaniin deemaa. Ani booyyee sana hin ajjeesu. Garuu yoo hoomaan booyyee sun asiin dhufan isaan duratti isaan ajjeeseen achi deebisa" jedheen isatti dubbadhe.

65 Obboleesi koo Fireed gara tullichaa deeme, booyyeen garuu hin jiru. Utuu inni harka isaa raasuun arge. Anis gara holqa kattichaattin ol seene, gafarsa guddaa tokkotu as adeema, aduun quuqxee ba'aa jirti. Duuba gaarichaattin naanna'e, waa'ee dubbii raajii dubbatamee waan tokko illee yaadaa hin jirun ture. Gadi taa'ee aara galfachaan eeguu jalqabe; "Booyyewwan un maal ta'anii?" jedhee yaaduuttin ka'e.

…koon qabadhe. Akka warri Indiyaa taa'anittin taa'e, isaan miilla isaanii wal irra qaxxaamursanii akka irra taa'an in beektu. Guutummaa miilla kootii yommuun ilaalu qamaxxeetu narra guutee jira. "Kun waan keessummaa dha! Kunoo Tuuksan irraa fageenya maayila afurtamaa, gara kaaba bahaan jira. ilmi koo inni xinnaan Jooseef achii na eegaa jira" jedheen dubbadhe. Yeroon gadi ilaaluu jalqabu, hoomaan booyyee fageenya yaardii kuma tokko narraa fagaatu irraa gara tulluutti asii ol yaa'aa jiranin argeen, qamaxxichi lafatti gadi darbadhe. "Isaan nan argadha. Karaan irra deemnu akka nu harkaa hin bannetti cittuu waraqaa wayii muka kanatti fanniseen, dhaqee obboleessa koo Fireediin barbaadee deemna" jedheen ofitti dubbadhe.

Gara tullichaattin ol ba'uu jalqabe, tullicha karaa garasitiin hamman danda'u nan fiige. Battaluma libsuu ijaatti, nama ta'etu rasaasaan na dha'en se'e. An takkaa dhukaasa akkasii dhaga'ee hin beeku; guutummaa biyyaatu raafame. Yommuu kun ta'etti, Ergamoonni Waaqayyoo torba walitti tuuta'anii (cluster) na dura dhaabachaa jiru turan.

66 Yeroo xiqqii booda obboleessa koo Fireedii fi namoota kaanin arge. “Wanti amma dhuka'e maali?” naan jedhe.

Ani immoo, “Inni isuma” jedheen deebiseef.

“Amma maal gochuuf jetta?” naan jedhe.

“Gara manaattin deebi'a. KANA WAAQAYYOTU DUBBATE, dhoksaawwan torban Macaafa Qulqulluu keessatti barootta kunneen hundumaatti dhokfamanii turan, dameeleen amantii kunneenii fi wantoota kaan hundumaa, Waaqayyo dhoksawwan kana hundumaa Mallattowwan torban keessatti nuuf banuuf jedha” jedheen deebiseef.

Duumessa jiidha qabu (mist) baay'ee xiqqoo ta'etu bifa geengoo uumee lafaa ol adeemaa ture. Inni yeroo bifa sana uumetti, Inni tullicha gararriitti ol ba'ee karaadhuma ol ba'een, karaa dhihaatiin geengoo uumuu jalqabe. Yeroo muraasa booda warri saayinsii Isa arganiiru, Inni ol fageenya maayilii soddomaa fi bal'ina maayilii dogdamii shanii kan qabu ta'uu mirkaneessan, dhiibbaa dhibbatti bifuma geengoo piraamiidawaatiin kan ture dha.

67 Guyyaa biraa, achi dhaabadhee yeroon suuricha gara mirgaatti jal'isu, Yesus akkuma Isa Bara Waldoota Torbanii keessa jiruutti, Hooda Hundumaa Irra Caalu (Supreme Deity) ta'uu Isaa kan agarsiisu wiiggii adii (white wig) mataatti uffatee achirra jira. Inni Alfaa fi Omeegaa dha; Inni isa Jalqabaa fi isa Dhumaa ti; Inni Abbaa Firdii Ol'aanaa kan Bara Baraa ta'ee Ergaa yeroo kanaa mirkaneessuuf achi achi dhaabataa jira. Egaa yeroo galgalaa'utti Ifni in ba'a! Guutummaatti waa'een isaa maali? Inni maal ture?

68 Ani gara dhihaatti adeeme. Tulluudhuma sana irratti, utuun Baankis Wuudii wajjin achiin darbuu, “Dhagaa tokko ol darbadhu. Obbo Wuudsiin, 'WAAQAYYO AKKAS JEDHA, ati Ulfina Waaqayyoo in argita' jedhiin” naan jedhe.

Gaafasuma, guyyaa itti aanutti, utuma nuyi achi dhaabannee jirruu qilleensi jabaan dhufee tullicha dhodhoose. Kattaan dadayya'ee mataa koo gararraadhaa naannoo faana sadii yookiin faanaa afurii irratti mataa mukkeen kukkutee gate. Qaqawweessaa gurguddaa sadii dhageessifnaan obbolonnii fiigaa gara koo dhufan. Naannoo namoota kudha shaniitu achi dhaabatee jira ture, isaan lallabdootaa fi namoota kon biroo turan. “Inni maali?” Inni, “Maaltu dhuka'e?” jedhe.

“Firdiin Qarqara Dhihaatti bu'uuf jedha” jedheen deebiseef.

69 Kun ta'ee guyyoota lama booda Alaaskaan socho'a lafaatiin rukutamtee hamma gadi dhidhimuutti geesse. Ifti tulluu Saanseet Maawunteen isa Arizoonaa iddoo Bosonni Koronaadoo itti argamu irraa mul'atu kun maali? Wanti keessummaan achitti at'e sun maali, inni namoonni bahaa gara dhihaatti konkolaachisaa iddoo Inni itti bu'ee dhagaa funaannachuuf dhufaa turan sun maali? Tokkoon tokkoon dhagaa Inni rukutee caccabee sun hunduu roga sadi sadii kan qabani dha. (Sadanuu Tokko.) Isaan qorannaadhaaf minjaala irra kaa'amanii jiru, waraqaa madaalli (paper weights) irra kaa'amanii guutummaa biyyaatti qoratamaniiru. Wanti keessummaan tulluu Saanseet Maawunteen isa Bosona Koronaadoo keessaa irratti ta'e kun maali?

70 Juuni'eer Jaaksan amma dhaggeeffachaa jira, abjuu “adeemsa gara lixa biiftuu” isa inni abjoonnaan ani hiikee ture in yaadattuu? Kunis kan ta'e Tulluu “Lixa biiftuu (Sunset Mountain)”tti ture. Yeroon galgalaa'u, yeroo aduun lixuuf deemtu dha. Ergaan aduu dhiitee seenaa itti dhihaa jiru keessatti, dubbiin raajii raawwatamaa jira. Tulluu Saanseet isa Koloraadoo Foorestiitti argamu isa Tuuksan irraa gara kaabaatti fageenya maayilii afurtama irratti aragmu irratti yommuu galgalaa'utti Ifni in ta'a. Kaartaa irra ilaalaatii akka ol ka'iinsi tulluu Saanseet hamma jedhame kana ta'u mirkaneeffadhaa. Dhugaadhumatti wanti kun achitti raawwatame. Hamma guyyaa biraatti an gonkumaa hin beekun ture.

71 Wanti hunduu…Inni gonkumaa hin du'u. Inni walitti fufiinsaan maraa Ofii Isaatii diigaa deema. Jalqabuma wanta ta'aa jiruu irraa jalqabee suurichi utuu Yesus dhaabatee gara keenya ilaalaa jiruu kan agarsiisu ture; egaa amma Tulluu Saanseet irra Ifa galgalaatu jira. Ifti yeroo galgalaa'uu dhufeera, Waaqayyoo Ofii Isaa dhugaa ba'aa jira. Kun maali? Dhugummaa Waaqayyoo fi Kristos tokko ta'uu ti. Rifeensa “adii”, mee nama meeqatu wiiggii adii mataa Isaa irraa akka isa Mul'ata boqonnaa 1 keessatti ilaallitti Isa irratti arge? Hubadhaa, inni kan garsiisu Aboo Waaqayyummaa (Supreme Deity), Aangoo hundumaa gararraatti qabaachuu Isaa argarsiisa; sagaleen boraa hin jiru, waaqni biraa hin jiru, Isa malee kan biraa tokko illee hin jiru! “Guutummaan Waaqayyummaa namummaa Kristos keessa in jiraata.” Wiiggii (wig), rifeensi dheeraan mataa Isaa irra jiru Ergamoota Waaqayyoo ti. Ameen.

72 Tulluu Saanseet irratti maal ta'aa ture? Waaqayyotu Dubbii Sagalee Isaa mirkaneessaa ture. Guutummaan sagalee guddaa dhaga'amaa ture sun Isa mirkaniisuuufi. Yaadadhaa, Waaqayyo ammas irra deebi'ee Dubbii Sagalee Isaa isa Mul'ata 10: 1-7 keessatti, “Bara malakanni inni torbaffaan afuufamutti garuu, wanti Waaqayyo dhoksaatti akeeke in raawwatama” jedhee abdachiise raawwataa jira. Wanti dhokataan Mul'ata 10:1-7 keessatti dubbatame, Ergaa dhumaa bara waldaa dhumaatiif ergame dha. Dhugaatti akkuma jedhametti bara kana keessaa in raawwatama, Wangeela Luqaas 17:30 irratti,

"Guyyaa Ilmi namaa mul'tatti" jedha.

"Masiihonni sobaatii fi raajonni sobaa ka'anii, yoo danda'ame warra Waaqayyoof Fo'aman iyyuu wallaalchisuudhaaf, milikkitaa fi dinqii adda addaa in agarsiisu." Sabni amma iyyuu mamii keessa jira. Akkuma kanaan duraa waldaan amma iyyuu hibboo keessa jirti.

73 Warri Tuuksan amma iyyuu kan hin tumurin yoo ta'an, warri kaan qorannoo saayinsiin mirkaneessanii gaazexaa irratti baasaa jiru. Kaameeraa gurguddaan Tulluu Leemoon irra jiran ol ba'anii iddoo nuyi dhaabannee jirru sanaa Isa kaasuu hin dandeenye; gara Dhihaatti naanna'ee mul'achuun Isaa yerichi dhumuu isaa kan agarsiisu dha. Inni deemuu hin danda'u, xinnoo wayiitu achitti hafa malee; inni Qarqara Dhihaa jira. Karaa inni irra deemeen battaluma sanatti firdiin lafatti bu'e. Tooruma sana qabatee ol gubbaa Fooneksiitiin, kallattii sanaan gama Preskootiitti ce'ee, gaarren Qarqara Dhihaa qabatee, kallattiidhumaan… Isaan garama deemaa turan? Kallattiidhaan gara Alaaskaatti deemaa turan, isheenis immoo kallattii sanaan dadayya'aa jirti.

74 Dhaabbanni qorannoo hawwaa Tuuksanitti argaman hunduu amma iyyuu gaafataa jiru, maalummaa Isaa barauudhaaf amma iyyuu qorannoo saayinsawaa geggeessaa jiru. Baay'ee ol fagoo waan ta'eef hurrii dha jechuu hin danda'an, duumessi jiidha qabu, yookiin wanti biraan ol fageenya akkasii irratti hin uumamu. "Inni maali? Inni garamitti deema?" Isaan akkuma Wanta Geengoo (Halo) gama sanaa bantii waaqaatti rarra'ee ture sun hobboo isaanitti ta'e Inni kunis akkuma warra urji-lakkooftuu urjii ilaalaa dhufanii, "Mootii warra Yihudootaa Inni dhalate sun eessa jira?" jedhanii sana hobboo isaanitti ta'eera. Inni maal ture? Waaqayyotu Dubbii Sagalee Isaa isa, "Urjiin Yaaqoob keessaa as in ba'a" jedhee dubbate raawwachaa jira ture.

75 Waaqayyo inni Bantii Waaqaa irra jiraatu gaafi galgalaa'u Ifa akka argatu abdachiiseera. Waggoota sadi'iin dura dhoksaan kun dubbii raajii ture, innis, "Yeroon kun maali, Gooftaa?" kan jedhu ture. Amma garuu seenaa dha. Inni darbeera. Abadiin Waaqayyo abdachiisera raawwateera. Yeroon kun maali, gooftaa, wanto ofitti nama hawwatu kunis maali? Waaqayyotu Dubbii Sagalee Isaa raawwachaa jira! Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana.

Mee in kadhanna.

76 Yaa Waaqayyo jaallatama, yeron jedhe irra baay'ee dabarseen saba kana as turse. Yaa Waaqayyo wanti dubbatame yookiis wanti hojjetame, namoonni iddoo garaa garaa jiran akka hubataniif sababa akka ta'uuf Sin kadhadha. Arguu fi hubachuu isaaniitiin Ati dhuguma Kristos akka taate haa amanan, akkasuma immoo Dubbiin Sagalee mirkaneeffamaa jiru kun mirkaneeffannaa dubbii Sagalee qulqullaa'ee yeroo Isaatti raawwatamaa jiru akka ta'e haa amananiif sin kadhadha.

Egaa amma, yaa Gooftaa Yesus Dubbii Sagalee Kee keessatti biyyi lafaa haala Sodomoom keessa turtetti in deebiti jettee dubbatteetta. Nuyi isa kana in beekna. Guyyaa santti, "Akkuma Sodoomitti ta'e in ta'a" jettee dubbatte. Yeroo sanatti ergamoota sadiitu warra Ibrootaatii fi saba warra kaaniif ergame. Isaan keessaa tokko Waaqayyo Ofii Isaatii Ilma namaa ta'ee foon uffatee Ofii Isaa kan mul'isee fi dinqii hojjechuu keessa ba'ee waan Saaraan duuba Isaatii dunkaana keessatti garaa isheetti yaadde isatti kan hime ture.

Yeroo guutmmaan Saba Warra Kaanii (Gentiles) biyya lafaa keessa jiraatan jiran gara Sodoomitti deebi'an kun irra deebi'ee akka ta'u dubbatteetta, yaa Gooftaa. Nuyi immoo kunoo addana jirra, yaa Gooftaa. Dubbiwwan raajii biroonis Eliyaas guyyaa dhuma jala akka ergamu mirkaneessaa jiru, Hafuurri Eliyaas garaa abbootaa gara ijoollotaatti deebisuudhaaf, akkasumas, "garaa ijoollotaa gara abbootaatti deebisuudhaaf" gara lafaatti in ergama. Kanaafis yaa Waaqayyo, sa'aatii kana Sagalee Kee isa kaleessa isuma turte. har'as bara baraanis isuma sana ta'uu Kee dubbatu akka nuuf mirkaneessituuf Si nan kadhadha. Yaa Abbaa keenyaa, kana nuuf raawwadhu. Hundumti isaanii kan Kee ti. Eebba kana akka isaaniif laattuu fi waan jedhamaa ture Ulfina Waaqayyoof jettee akka isaaniif mirkaneessituuf Si nan kadhadha. Maqaa Yesus Kristoosiin. Ameen.

77 Namni jecha tokko in dubbata; dubbicha kan mirkaneessu garuu Waaqayyo dha. Waan tokko dubbachuun waan tokko; Waaqayyo isa raawwachuun immoo waan biraa ti. Waaqayyo nama Dubbii Isaa hiikuuf hin barbaadu; Inni Ofuma Isaatii Isa in hiika.

Amma yoo fedha Waaqayyoo ta'e dhukkubsatootaa kadhachuuf gara toora kadhataatti seenuuf jenna. Namni tokko illee, namni kam illee, dhalli namaa kam illee, ergamaan Waaqayyoo kam illee isin fayyisuu akka hin dandeenya in beekna, sababiin isaa Waaqayyo durumaan isin fayyiseera waan ta'eef. Inni qopheessee kaa'eera, wanti isin irraa eegamu fayyinicha fudhachuu duwwaa dha.

78 Namni, Ergamaan Waaqayyoo, wanti tokkollees, Waaqayyo iyyuu cubbuu keessan isiniif dhiisuu hin danda'u. Inni durumaan isiniif dhiifameera. Isa kana Jesus fannoo irratti raawwate. Garuu hamma isa fudhattanitti, inni isin badhaadhomsuu, yookiis isin fayyaduu hin danda'u. Hubattanii?

Wanti gochuun amantoota irraa eegamu ajaja Waaqayyoo ajaje raawwachuu duwwaadha, innis harka

warra dhukkubsatan irra kaa'uu duwwaa dha. Kana immoo baroota haaromsi geggeeffamaa ture hundumaa keessatti gochaa turan. Isas isaan, "Waaqayyo" jedhanii waaman.

79 Abrahaam milikkitoota baay'ee argeera. Garuu yeroon Abrahaam milikkita isa dhumaa utuu Sodoom gubattee hin badin dura argetu ture, innis immoo isa Waaqayyo Ofii Isaatii nama ta'ee isatti mul'ate ture. Kana in amantuu? Inni lammata akka ta'u Yesus dubbateeraa?

80 Amma, nama meeqatu as keessaa…Warri alaa raadiyoodhaan, yookiis guutummaa biyyaa keessatti karaa bilbilaa nu hordofaa jirtan, yoo amma iyyuu dhaggeeffachaa jirtu ta'e, amma kadhannaadhaaf qophaa'aa, kadhadhaa, warri huccuu dafqaa asii qabdanis kadhadhaa. Egaa, Waaqayyoon kana godi jechuu hin danda'u. lakki, kana yaaluun iyyuu narraa haa fagaatu. Inni birmaduu dha; Inni waan barbaade in hojjeta. Ani wantin gochuu danda'u abboomamee waan Inni jedhi jedhu jechuu duwwaa dha.

81 Amma namoonni keenyanitti naanna'anii dhaabataa jiru, isaan walitti rukkatanii, wal dhiibanii dhaabataa jiru. Nuyi utuu, "Wanti nama hawwatu kun maali?" jennee Waaqayyoon gaafannee nan dinqifadha. Waaqayyo ammas gidduu keenya deddeebi'ee (tarii namoonni haaraa taatan as keessa jirtu ta'a), Inni yoo gidduu keenya deddeebi'ee fuula Isaa isa eebbifamaa nu gudduutti mul'ise, Inni yoo Hafuura Isaa asitti mul'ise, Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana ta'uu Isaa yoo nutti mul'ise, hundumti keenya (Ergawwan ciccimoo lamaan kana booda) dhugaa akka ta'e in amannaa? Kana in gootu? Tole.

82 Toora kadhataa waamuun haa hafu; manni ni ho'a, namoonni walitti rukkatanii keenyanitti hirkatanii dhaabatanii jiru. Kaaraa kanan ilaale, toora kadhataa waamuuf, garuu ba'uu hin dandeessan; achuma dhaabdhaatii as ilaalaa. Karaa kanaan waamuu nan danda'aa? Dhukkubsataa keessan, dhukkubsataa siree fi wantoota garaa garaatiin baattanii dhuftan lafa kaa'aa; as baasuu hin dandeessan. Kanaafuu iddoodhuma jirtan taa'aatii Waaqayyoon amanaa. Kaardii kadhataa qabdu taanaan gaarii dha, of harkatti qabadhaa. Utuu hiiriira galtanii isin bira dhufna turre, garuu hiriira keessa dhufuu isin hin barbaachisu.

83 Obbo Shiipperdi sun Dilbata darbe hiriira keessa hin dhufne, inni raawwatee hiriira kadhataa keessa hin dhufne, yeroo sanatti kaardii kadhataa waan of harkaa qabu natti hin fakkaatu. Obbo Shiipperdi har'a galgala as jiraa? Eessa jira? Inni as jiraa? Inni duuba sana jira. Obbo Shiipperdi, kaardii kadhataa qabda turtee? Hin qabdu turtee? Hin qabu ture. Inni ammas galgala kana as keessa taa'ee jira. Obboleessa koo Shiipperdi, iddoodhuma jiran turuun gaarii dha.

84 Iddoo sana turuu qofaa miti, amantiis qabaadhaa malee. Yaadadhaa, dubartittiin shaashara wayyaa Isaa tuqxe, tuqaatiin ishee sunis Isatti bu'e. Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana. Ergaan gara Ibrootaatti Ergame akka jedhutti Inni galgala kana Angafa Lubaa isa, "dadhabbiin keessan garaa Isaa hin rukunne" qabdu jedha. Isa kana in amantuu? Yoos amantii qabaadhaa egaa! Isa hin maminaa. Isa amanaa, inni isiniif in raawwatamaa. Yoo amantan waanuma kadhattan in argattu. Garuu amanuutu isin irraa eegama. In amantuu? Hundumti keessan in amantuu? Waaqayyo isin haa eebbisu.

Eenyu eenyuun akka ta'e ani hin beeku. An tokkoon keessan iyyuu hin beeku. Isin keessaa nama tokko iyyuu beekuun hojii koo miti. Wantoota kana beekuun hojii Waaqayyooti. Garuu yoo amantan Inni isiniif in raawwata. Amma Isa in amantuu?

85 Amma, yaa Waaqayyo Jaalatama, dhuguma nuyi tuuta Kristaanota diqaalomanii (hybrid) miti, nuyi nama akka daa'imaatti sossobame miti. Yaa Gooftaa, Ati nama akkasii hin qabdu. Ati amantoota ciccimoo qabda. Namoota gidduutti Argamuun Waaqayyoo laphee namootaatti ibiddan in qabsiisa. Abrahaam Waaqayyoon amanate. Ati isatti of beeksifte, Ati isatti mul'attee milikkita isatti agarsiifte, innis Si amane. Ati dhagna isaa, dhagna haadha manaa isaa ishee gartokkee dhagna isaa taates gara dhagna ijoolleetti debifte. Sana booda mucaa haaraan, ilmi kakuu isaaf in dhalate.

86 Yaa Waaqayyo, bara kanattis akkasuma akka ta'u nu abdachiifteetta. Dubbii kana akka raggaasiftuuf Si nan kadhadha. Nuyis kakuu tokkicha sana irratti in hojjenna, innis akkuma isa Sodoom keessa turee akka ta'u, akkuma utuu Sodoom firdiidhaan rukkutamtee ibiddaan gubattee hin badin dura ta'ee, akkuma biyya lafaa warra Yihudii hin ta'in irratti ta'e akka ta'uuf Si kadhanna. Kanaafis firdiin biyya lafaa warra Yihudii hin ta'in rukutuuf deema, warri Yihudootaa waggaa sadii fi ji'a ja'aaf rakkina keessa darbuuf jiru, dhiphachuun Yaaqoob itti fufiinsa waggoottan torba si'a torbaatama Daani'eel dubbateeti. Garuu barri warra Yihudii hin ta'inii qubaan lakkaa'ameera, barri isaanii dhumeera. Egaa Ati milikkita sana laattee, ammas irra deebitee akka laattu dubbatteetta. Yaa Gooftaa, isa nuuf raawwadhu. Nuyi harka Kee keessa jirra, utuu Ati nuuf raawwattuu arguu barbaanna. Maqaa Yesusiin. Ameen.

87 Amma hin yaadda'inaa. Yoon yaadda'e maaltu ta'uu danda'a? Egaa amma, birmadummaa Waaqayyoo irratti hundaa'een waan tokko godhaa jira. Garuu maaliifan kana godha? Kana in ta'a jedhee dubbateera waan ta'eef. Inni kun isa in iticha. Inni Ofii Isaa yoo mul'ise, Inni yoo fuula keessan duratti raggaasise, Isatti amanuu hin dandeessanii? Dhugaadhumatti. Amma amantii qabaadhaa, amanaas.

Mee amma naanna'een gara Hafuurri Qulqulluu itti geggeessu ilaala, gara waan Inni hojjetuuttan

fuula koo naanneessa. Maal akka Inni hojechuuf jedhu an hin beeku, Isatu beeka. Garuu isin amantii yoo qabaattan, amanaa duwwaa, “Amani malee wanti hunduu siif in danda'ama.” Warri amantan hunduu harka keessan ol qabaatii, “Isa nan amana” jedhaa. [Amantoonni, “Isa nan amana” jedhan.] Garaa koo guutuudhaan Isatti nan amana.

88 Amma wanti tokko yeroo sadi'iin raggaasifama, Inni yoo yeroo sadii walitti fufiinsaan godhe, Inni sirrii ta'uu isaa isiniif in mirkaneessa. Eennyu akka taatan irraa, eessa akka jirtan irraas an dhimma hin qabu, mantii duwwaa qabaadghaa. Egaa amma, hin raafaminaa. Karaa kanaan.

Dubartiin tokko kadhachaa jirta, an si hin beeku. Amma iddoo ati jirtu argaan jira; as ba'uun sirra hin jiraatu. Ansi hin beeku, garuu ati mucaa xinnoo harkatti, yookiis sarbaa irratti baattee jirta. Ani guutummaatti siif nama haaraa dha. Mucaa xinnoon sun nama nagaa fakkaatti, Isheen mucaa bareedduu rifeensa dhiilgee ti. Isheen nama naafate, yookiis nama rakkoo wayii qabu hin fakkaattu. Rakkoon ishee maal akka ta'e ani hin beeku. Inni tarii kan mucattii miti ta'a; tarii kan kee ta'uu danda'a. Garuu mucaa baattee utuu teessee utuu kadhachaa jirtuun argaa jira. Hafuura kee qabachuudhaaf sii wajjin daqiiqaa tokkoof haasa'uun qaba, akkuma isa Yesus dubartittiidhaan, “Bishaan dhugaatii naaf kenni” isheedhaan jedheetti, sitti dudubbachuun barbaada, hubadhaa, amma nama sana adda nan baafadha. Obboleesa koo Briyaantii fi warra as taa'aa jiran kana hundumaa nan beeka, namaoota as taa'anii jiran kanneen nan beeka. Isaanis furmaata barbaadan qabaachuu danda'u ta'a, ati garuu nama haaraa dha.

An raajii Waaqayyoo akkan ta'e in amantaa? Wantootni ati galgala kana dhageesse hunduu Dhugaa akka ta'an in amantaa? Amma Waaqayyo wanta ati hojjechaa turte, yookiis wanta gochuun utuu sirs jiruu hin godhin hafte, yookiis waan sirrii hin ta'in si wajjin jiru, yookiis waan ati barbaaddu Waaqayyo yoo natti mul'ise, dhugaa ta'uu fi ta'uu dhabuu isaa baruu jirta. Baruu hin feetuu? Inni kana yoo godhe, Dubbii sagalee Isaa isa Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana jedhuu fi isa Wangeela Luqaas 17:30 irratte dubbatame bakkeetti baafamee mul'ifamuu isaa mitii? Isa in amantaa?

89 Egaa amma, walii walii keenyaaf haaraa akka taane mul'isuuf harka ishee ol qabdeetti. Ani si hin beeku, garuu hafuura ishee wajjin wal arguufan yaalaa ture, hafuura nama ta'e tokkoo wajjin wal baruufan yaalaa ture. Namoota baay'eetu dhiibbaa uumaa jira. Egaa, garaa keessan guutuu dhaan Kana amanaa.

Egaa inni kan di'imattii xinnoo sanaati malee, si miti. Ati in yaaddaofta, garuu wanti si yaaddessaa jiru waa'ee kee miti. Guutummaan laphee keetii daa'ima xinnoo sana irra jira. Maal akka ta'e Waaqayyo akka natti himu in amanataa? In amantaa? Inni si gargaara, in amantaa? Inni miidhaa sammuu mucattii irra ga'e dha. Sirriidhaa? Amma harka kee daa'ima xinnoo san irra kaa'i.

90 Yaa Waaqayyo Jaallatama, Ati, “Warra amanan biratti milikkitoonni kun in argamu; harka isaanii warra dhukkubsatan irra in kaa'u, isaanis in fayyu” jettee dubbatteetta. Dubartiin kunis amantuu dha, isheen harka ishee mucicharra keesseetti. Inni kan fayye haa ta'u. Kadhata kana Maqaa Yesus Kristosiinan sitti dhi'eessaa. Ameen.

Amma hundumti keessan in amantuu? Yoo amantan wanti hunduu isiniif in danda'ama. Dhugaadhumatti!

Dubartii isheetti aantee ta'aa jirtu sana nan beeka, garuu isheen gadi of qabdee gar asana ilaalaa jirti. Maqaa ishee himuu hin danda'au, garuu ani… daqiiqaa tokkoof ishee yoon ilaale garuu maqaa ishee nan bara. Ijaan argaa si beeka, garuu rakkinni kee maal akka ta'e an hin beeku. Rakkinni kee maal akka ta'e Waaqayyo natti in beeksisa, in amantaa? Si in gargaaraa? Inni dhibee sukkaaraa ti. Sirriidha yoo ta'e, amma harka kee ol qabi. Dhugaa dha!

Dubartiin sitti aantee taa'aa jirtus waanuma wal fakkaataa keessa jirti. Isheen nama haaraa dha. dubartiin biraa nama ta'e tokkoof kadhachaa jirti, mucaa deemuu dadhabee hokkolu tokkoof kadhachaa jirti. Garaa kee guutuudhaan amani, Waaqayyo siif in dhaga'aa.

91 Namni ta'e tokko duuba kana jira. Namnichi gama kanaan teessee jirtu tokko sigaaraa xuuxuu irraa fagaachuuf jedhaa jirta. Waaqayyo akka si harkaa gatuu danda'u in amantaa? Tole. In amantaa? Siif raawwatameera. An jireenya koo keessatti nama kana argee hin beeku.

Namni tokko as jirta. Namicha waan akka siree, yookiis barchu wayii irra ciibsamee jiru sana irra gaadidduu dukkanaa isarra marsee jirun argaa jira. Inni du'aa jira. Inni gaadidduu du'aatiin marfameera. Inni kaanserii qaba. Ani namicha kana hin beeku, gonkumaa isa argee hin beeku. Waaqayyo waa'ee kee hundumaa beeka. Yaa nama nana, kun dhugaa dha. Waaqayyo waa'ee kee waan tokko natti in dubbataa, in amantaa? Fayyina kee fudhachuu in barbaaddaa? [Obboleessichi, “Eeyyee, nan barbaada” jedhe.] Hiriyaa keetu as si fide. Ati garuu nama naannoo kanaa miti, ati biyya qaama bishaan guddaa qabdu lafa namoonni qurxummii kiyyeessanii ittiin jiraatanii dhufte. [“Eeyyee.”] Eeyyee, Albaanii, Keentuukiidhaa dhufte. [“Sirrii dha.”] Amani, fayyitee gara mana keetti in deebitaa. Inni akka sirraa deeme amani. Yoo Isa amante! Dirqama, Isa amanuu qabda, siif raawwatamaa akka jiru amani. In

amantaa?

92 Si, ati Teenessee irraa dhufte, mucaa dhiiraa asmiidhaan qabamee jiru qabda. Inni as hin jiru, garuu akka inni fayyu in amantaa? Yoos huccuu dafqaa kee fudhadhuu harka keetti qabadhu, isaafis in geessitaa. Ati Isa yoo amante inni in fayya.

Dubartiin tokko toora Dokteer Vaayilee sanaan teessee boo'aa jirti. Isheenis gaadidduu jala jirti, gaadidduu dukkanaa jala jirti. An jireenya keessatti dubartii kana argee hin beeku, garuu isheen kaanserii qabdi. Wanti tokko isheedhaaf hin ta'u taanaan, isheen in duuti. Dubartii nana, Inni akka si fayyisu in amantaa? Amanuu in dandeessaa? Amma yoo amanteetta ta'e, fayyina kee fudhadhu.

Dubartiin dadhabduun tokko duuba isheetiin huccuu dafqaa afaanitti qabattee taa'aa jirti. Isheen dhukkuba garaachaa sadarkaa dhumaa irra ga'een dhukkubsataa jirti. Of wallaalchisa, ija dura mare ishee kuffisa. Nama ta'etu as si fide. Rakkoo dubartii irra ga'us qabda. Yoo in amanta ta'e fayyitee gara mana keetti in galta.

93 Ati, si dargaggeessa nana, ati keessummaa dha; kuunnoo kallattii fuula kootii dura teessee as ilaalaa jirta. Ati eenyu, Pu'eertoo Rikaan, yookiin waan akkasii wayiitii? Eeyyee, maal akkan jechuu barbaade, …?...! Ani siif nama haaraa dha. Isa kana atuu in beekta; ati biyya koo irraa iyyuu miti kan dhufte. Garuu Waaqayyo fedha garaa keetii akka siif kennu in amantaa? Wanti ati argachuu barbaaduu maal akka ta'e yoo Inni sitti hime, isa in fudhattaa? Ati cuuphaa Hafuura Qulqulluu barbaadaa jirta. Kun dhugaa dha. Obboleessa koo, Hafuura Qulqulluu fudhadhu.

Kunoo namni bifa gurraachaa tokko as jira, inni ba'aa garaasaatti namaaf baatee jira. Ba'ichas haadha manaa isaatiif baatee jira, isheen as hin jirtu. Isheen miilla isheetu rakkina qaba. Waaqayyo akka ishee fayyisu in amantaa? In amantaa? Ati iddoo kanaaf keessummaa dha. Ati biyya bishaan keessaatii dhufte. Ati Jamaayikaa irraa dhufte. Waaqayyo eenyu akka taate natti himuu danda'aa in amantaa? Obbo Biraadii. Ati in amantaa? Yesus Kristos kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana.

94 Dubartiin sun isheen duuba sanaan xumura irra teessee jirtu, isheen obbo Raayititti aantee jirtu sun ba'aa garaa isheetti namaaf baattee dhufte qabdi. Isheen intala isheetiif kadhachaa turte. Isheen kutaa baqaqsanii yaaluutti ol baatee jirti. Garaa guutuudhaan isheedhaaf in amantaa? Ati isheedhaaf Isa yoo amante, isheen hin baqaqfamtu. Ani fayyisuu hin danda'u.

Duuba iddoo daa'imman itti kunuunfaman sanaa, Hafuura Gooftaan argaa jira, Ergamaa Waaqayyoo, Ifa iddoo daa'imanii sana sosocho'aa jirun argaa jira. Inni shamarree tokko irra sosocho'aa jira, isheen hafuura ishee dinqisiifachiisu tokkoon dhiphachaa jirti. Isheen naman beeku natti fakkaatti, hundumaafuu, isheen dargaggeettii tokko dha. Kana malees isheen rakkoo marsaa laguu toora gad dhiisee qabdi. Eeyyee. Maqaan ishee Westi jedhamti, Alaabaamaa irraa kan dhufte, aadde Daavid Westi. Amani; Waaqayyo siif in raawwata.

95 "Guyyaa Ilmi namaa mul'ifamitti, Ifni in ta'a." Yesus Kristos kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana miti yoo ta'e, waa'ee Isaa waanan beeku tokko illee hin qabu. Isa in amantuu? Warra amananiif wanti hunduu in danda'ama.

Ala kanaa guutummaa biyyaa keessatti guddiftuu sagaleetiin dhaggeeffachaa kan jiratan, akkasumas mana qulqullummaa kana keessa kan jirtan, meeqan keessantu harka keessan ol baasee, "Ani amanaadha jedha?" Egaa yaa warra iddoo garaa garaa jirtanii, namoonni warri as jiran harka isaanii ol baasaniiru. Bakkee kan jirtanis, guutummaa biyyaa keessaa iddoo ta'e tokko kan jirtan, harka keessan ol qabdaniittu jedheen amana, shakkii hin qabu. Amma ija keessan wal irra buufadhaatii, namoota bukkee keessan jiran irra harka keessan kaa'aa. Harka walii walii keessanii qabadhaa. Harka keessan saggoo walii walii keessan ii irra kaa'aa. Ani harka koo huccuu dafqaa irra kaa'eera. Waan arra raawwatamaa jiru ilaaltanii! Amma waan godhamaa jiru ilaalaa.

Kunoo ilaalaa qulqulluu fuula Isaa

Isa jaalala Hoodaatiin ifu

Hirmaattuun ayyaana Isaa kan eebbifame

Akka warqee gonkoo Isaatti kan ibsame

Amma in kadhanna. Bakka jirtan hundumaatti, haa kadhannu.

96 Yaa Waaqayyo Jaallatama, yerichi ga'eera. Kan jechuun maal jechuu dha? Waaqayyo Dubbii Sagalee Isaa raawwachaa jira! Wanti ofitti nama hawwatu maali, Gooftaa? Inni isa Waaqayyo Dubbii Sagalee Isaa raawwachaa jiru dha. Wanti guutummaa biyyaatti ta'aa jiru, inni namoonni hunduu karaa bilbilaatiin, namoonni dhiibbaan alakkaa'aman guutummaa biyyaa keessatti harka isaanii wal irra kaa'anii, handaara tokkoo gara handaara biraatti, kaabaa hanga kibbaatti, bahaa hanga dhihaatti harka isaanii wal irraa kaa'anii jiraniif maaliifi? Kunoo asitti namoonni biyya alaam biyyoota baay'ee kanneen akka Meeksiikoo,

Kanaadaa, fi iddoo baay'eetii dhufanii jiru, nuyi walii walii keenya irra harka keenya keenyee jirra. Waaqayyotu Dubbii Sagalee Isaa raawwachaa jira!

Namni kun attamitti as dhaabatee Hafuura Qulqulluutiin akkuma isa Inni Simoon Phexirosiin, "Ati maqaan kee Simoon, ati ilma Yoonaati" isaan jedhe?

"Dhaqii abbaa manaa kee waamii wajjin kottu."

"Ani abbaa manaa hin qabu."

"Dhuguma kee jette. Abbaa manaa shan qabda."

Isheenis, "Isa kana Masiihichi yeroo dhufu akka godhu nan beeka, garuu Ati Eenyu?" Isaan jette.

Inni immoo, "Ani Masiihicha" isheedhaan jedhe.

97 Ati kaleessa isa turte, har'as bara baraanis isuma sana. Ati, "Hojii Ani hojjedhu, isinis in hojjettu. Ani gara Abbaa Kootii waanan deemuuf, hojii Ani hojjedhu gararraatti iyyuu in hojjettu" jettee nu abadachiifteetta. "Ilaa, guyyoota gara dhumaatti ani Eliyaas raajicha nana erga, inni immoo dhufee garaa ijoollee gara garaa abbootaatti, gara Barsiisa Macaafa Qulqulluu isa kan ergaootaatti in jijjiira." "Yeroo galgalaa'uttis ifni in ta'a."

Yaa Waaqayyo jabaa Isa Waaqarra irra jiraattuu, nuyi kun fuula kee dura jirra! Yerichi kunoo ti! Harki Kee saba irra jira.

Yaa Seexanaa, ati injifatamteetta. Ati sobduu dha. Akka garbicha Waaqayyoo tokkoottii fi akka garboota isaatti, Maqaa Yesus Kristosiin Dubbii Sagalee Waaqayyoof abboomamtee, namoota gidduudhaa akka baatuuf si abboomna, sababiin isaa, "Isaan Maqaa Kootiin hafuurota hamoota in baasu" jedhamee caafameera.

Namoonni hunduu hidhaatti haa hiikamana. Yaa Waaqayyo Jaallatama, isa kana nuuf raawwadhu. Waaqayyo Isa Waaqarra jirattu dha, Ati isa gaafas hawwata Tulluu Qaraaniyoo irraatiin dhukkubaa fi dhibee hundumaa, hojii Seexanaa hundumaa injifatte dha. Ati Waaqayyo dha. Namoonni madaa'uu Keetiin fayyan. Isaan bilisa ba'aniiru. Maqaa Yesus Kristosiin. Ameen.

98 Yaa Waaqayyo, yeroo Hafuurri Waaqayyo as jiru kanatti, yeroo dibanni Yesus Kristos namoota irra jiru kanatti, yeroo milikkitoonni gurguddaan Inni abdachiise raawwatamaa jiran kanatti, yeroo lafti raafamaa jirtu kanatti, yeroo socho'i lafaa ta'aa jiru kanatti, yeroo milikkitoonni gurguddoon Inni dubbate raawwatamaa jiran kanatti, yeroo Ifni yeroo galgalaa'utti ba'u ba'ee jiru kanatti, hucuuun dafqaa baay'een fuula kee dura kaa'amanii jiru. An guutummaa dhagna amantootaa warra kaabaa, warra kibbaa, warra bahaa fi warra dhihaa bu'uudhaan dhagna koo huccuu dafqaa kana irra kaa'ee nan jedha Seexanaan, "Maqaa Yesus Kristosiin dhukkubni namoota qabdee ciibsaa jirtu gadi dhiisii deemi," ulfinaa fi kabaja Dubbii Sagalee Waaqayyootiif isaan keessaa sokki. Maqaa Sagalee Waaqayyootiin, Maqaa Yesus Kristos nama Naazireetiin. Ameen.

99 Amma cal'isatanii, yaada dammaqaa ta'een, yaada sammuu tasgabbaa'e keessa taatanii, Waaqayyo Isa Hundumaa danda'u harkaa fayyina keessan Maqaa Yesus Kristosiin akka fudhattaniif in amantuu? Yoo in amantu taatan harka keessan ol qabaa. Iddoo hundumaa kan jirtan harka keessan ol qabaa. Namni as jiran hunduu hamman argutti harka isaanii ol qabaniiru; mana keessan kan jiran, kan ala jiran, karaa foddaa kan jiran, karaa balabalaa ala kan jiran, iddoo tursiisa daa'immannii kan jiran, iddoo hundumaatii harka isaanii ol qabaniiru. Isaan Isatti amananiiru. Seexanni mo'ameera! Dirmammuun Yesus Kristos isin fayyisa, Argamuun Yesus Kristos har'as jiraachuu Isaa in mirkaneessa, Inni abdii Ofii Isaatii abdachiise akka raawwatu in mairkaneessa. Ameen! An Isatti nan amana. Isin Isatti in amantuu? [Amantoonni, "Ameen" jedhan.]

100 Amma ol kaanee miilla keenyaan haa dhaabannu. Maqaa Gooftaa Yesusiin wantoota ta'aa turan, yookiis wantoota dubbatamaa oolan fudhachuudhaan, garaa keenya guutuudhaan Isa in jaallanna. Waan nu keessa jiru hundumaan Isa in jaallanna. Amma asii baataani iddoo garaa garaatti warri deemtan, Waaqayyo isin duukaa haa bu'u. Hafuura Qulqulluu hin qabdan yoo ta'e, Waaqayyo Hafuura Qulqulluu isiniif in kenna.

101 Dhiirri, dubartiin, garggaggeessi, drgaggeettiin hunduu, warri Maqaa Yesus Kristositti hin cuuphamin jirtan, wayyaan uffattanii cuuphamtanii fi bishaan boolla guutee isin eegaa jira. Waan har'a hojjechuu dandeessan boritti hin dabarsinaa. Bor tarii yeroo baay'ee nutti barfate ta'uu danda'a. "Rakkinni guyyaa har'aa duwwaan iyyuu guyyichaaf in ga'a." Tajaajiltoonni isin eegaa jiru, wayyaa qopheessanii isin eegaa jiru. Dhiifamni isiniif godhamu hin jiru. Egaa jirtuu? Egaa jirtu taanaan, amanaa. Cuuphamtaniittu yoo ta'e iyyuu, bishaan isinitti faacaasaniiru yoo ta'e iyyuu, bishaan isinitti naqaniiru yoo ta'e iyyuu, kun hunduu cuuphaa sirrii miti. Ifichi dhufeera. Kottaa, amanaa, cuuphamaas.

Warri Hafuura Qulqulluu hin qabne hunduu, tokkoon tokkoon keessan Hafuura Qulqulluu fudhadhaa,

guutummaa humna Hoodaa fi jaalalaa isa Inni isin abdachiiseetiin Inni uumama haaraa Ofii Isaa keessatti isin in godha. Waaqayyo isin haa eebbisu.

102 Egaa hanga Dilbata dhuftu sa'aatii sadi'ii fi walakkaatti, faarfannaa xinnoo waaggoota muraasa dura faarfachaa turre kanaan wal haa geeggeessinu.

Kadhannaa maatii hin irraanfatin,

Yesus achitti si arguu barbaadaa;

Inni rakkina hundumaa sirraa fuudhaa,

Kadhannaa maatii hin irraanfatin.

Mee amma walii wajjin haa faarfannu.

Kadhannaa maatii hin irraanfatin,

Yesus achitti si arguu barbaadaa;

Inni rakkina hundumaa sirraa fuudhaa,

Oo, kadhannaa maatii hin irraanfatin.

Amma akkuma faarfachaa jirtaniin, faarfaachaadhuma qulqulluu bukkee keessan jiru harka qabuudhaan nagaa gaafadhaa.

Kadhannaa maatii hin irraanfatin,

Oo, Yesus achitti si arguu barbaadaa;

Inni rakkina hundumaa sirraa fuudhaa,

Oo, kadhannaa maatii hin irraanfatin.

103 Isin Isa hin jaallattanii? Ani Isa nan jaalladha. Inni jalqaba na jaallatee fayyina lubbuu kootii Tulluu Qaraaniyoo irratti waan biteef (inni hawwata sana ture), ani Isa nan jaalladha. Hawwatuma isa sanatu Tulluu Saanseet, Tulluu Neboonii, Tulluu Siinaa irra ture, isumata fiixee tulluu garaa garaa irratti mul'ate. Tole, mee faarfannaa kana haa faarfannu.

An Isa nan jaalladha, Isa nan jaalladha

Inni waan na jaallateef

Fayyina koo naaf bite

Muka qaraaniyoo irratti.

Warri Isa jaallattan hunduu, "Ameen" jedhaa. [Amantoonni, "Ameen" jedhan.] Akkas ta'uu qaba! Mee amma waan Inni isniif godhe yaadaa; yaadaa mee, utuu Inni kan Isaa isin hin godhanne ta'ee, silaa galgala kana mana dhugaatii jirtu turtan. Utuu araara Isaatiin ala jirra ta'ee, anis isinis silaa yoona boolla keessa jirra turre. Inni maal isiniif godhe? Oo, nuyi attamitti Isa jaallachuu dhiisuu dandeenya? Waan namni kam illee isiniin jedhu hin fudhatinaa, Inni hundumaa in dursa.

104 Amma akkuma ija keenya wal irra buufannee, mataa keenya gadi qabannee Isa haa faarfannu. Inni faarfannaa suuta faarfatamu in jaallata. Mee Isa haa faarfannu.

An Isa nan jaalladha, Isa nan jaalladha

Inni waan na jaallateef

Fayyina koo naaf bite

Muka qaraaniyoo irratti.

Mataa keenyaa fi yaada garaa keenyaan Fuula Isaa duratti gadi jennee waan iji keenya rageef, waan gurri keenya dhaga'eef, waan Dubbii Waaqayyoo keessatti barreeffameef, waan Inni guyyaa kanaaf abdachiise hundumaaf Isa in galateeffanna. Waaqayyo isin haa eebbisu.

105 Galgala kana keessummaa of gidduudhaa qabna, obboleessa tokko of gidduudhaa qabna, inni Need Inversan jedhama, duraan tajaajila warra Presbaayteeriyaanii ture. Inni har'a irra deebi'ee Maqaa Yesus Kristositti cuuphame. Inni achitti tajaajilaa dha, tajaajilaa gaarii dha. Amma egaa wantin isatti dhaamuu barbaadu, inni garbicha Waaqayyoo akka ta'e waanan amanuuf, waldaa naannoo kee jiraniif eebba akka ati taatu Waaqayyoon nan kadhadha.

Obboleessa koo Iversan, gar fuul duraatti as kottu, mataa keenya gadi qabannee akkuma jirrutti in kadhanna. Obboleessa koo, Waaqayyo si haa eebbisu.

www.messagehub.info

Kan Lallabame

Williyaam Maariyoon Biraanhaam

"... bara malaakanni afuufamutti..." Mul. 10:7